# QAACCESSA MALLEEN DUBBII FI SUREESSUU WALALOO ‘*OBOMBOLEETTI’* KEESSATTI

**SINQINASH ALAMUU DAANDANAA**

**QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)AFAAN OROMOO BARSIISUUN GUUTTACHUUF QOPHAA’EE YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA, JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIITIIF KAN DHIHAATU**

**WAXABAJJII, 2019 /2011**

**FINFINNEE**

**Qaaccessa Malleen Dubbiifi Sureessu Walaloo *Obomboleetti* Keessatti**

**Sinqinash Alamuu Daandanaa**

**Gorsaa: Xilahuun Taliilaa (Phd)**

**Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA)Afaan Oromoo Barsiisuun Guuttachuuf Qophaa'ee Yuunivarsiitii Addis Ababaa Kolleejjii,Namoomaa Qo'annoo Afaanotaa, Jornaalizimiifi Quunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookilooriitiif Kan Dhihaatu**

**Waxabajjii, 2019/2011**

**Finfinnee**

# Yuunivarsiitii Addis Ababaa

## Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo Barsiisuun, guuttachuuf, Sinqinash Alamuu mataduree:‘Qaaccessa Malleen Dubbiifi Sureessuu Walaloo *Obomboleetti* Keessatti sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa’e guutera.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa ______________________ Mallattoo ___________Guyyaa ________

Qoraa keessaa ___________________ Mallaattoo __________Guyyaa ________

Gorsaa ________________________ Mallattoo ______________Guyyaa _______

_____________________________________________________________________________

Itti gaafatamaa muummee yookaan walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

# Ibsa

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura yuunvarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif hindhiyaanne ta'uusaafi wabiileee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: ________________________________________

Mallattoo ______________________________________

Guyyaa _______________________________________

# *Axereeraa*

*Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa gosoota malleen dubbiifi sureessuu walaloo 'Obomboleetti' keessatti argaman adda baasuu, hariiroo malleen dubbiifi sureessuu ibsuufi gahee malleen dubbiifi sureessuun walaloo 'Obomboleettii' keessatti qaban ibsuudha.Milkaa'ina kaayyoo kanaafis kitaaba walaloo 'Obomboleettii' jedhu bifa sakkatta'a dookumentiin sakkatta'ameera.Qorannoon tokko mala ittiin adeemsifamuu qaba. Kunis mala qorannoo akkamtaatti gargaaramuun qorannoon kun adeemsifameera. Akkasumas iddattoo akkayyootti tajaajilamuun qorannoon kun gaggeeffameera. Gosoonni malleen dubbii walaloo kana keessatti argamanis lakkoofsaan sagali. Isaanis: nameessuu, akkasa, mitihee, iddeessuu, atee, arbeessuu, tuqseefi mallattoo.Gosoonni Sureessuu walaloo kana keessatti argaman immoo sadii.Isaaniis argee, dhageettifi keessoo miiraati. Hariiroo malleen dubbiifi sureessuun qaban keessaatti malleen dubbii galtee sureessuuti.Kanumaan walqabatee malleen dubbii mallattoo,arbeessaafi iddeessi galtee sureessuu argee ta'uun; malleen dubbii akkasaafi arbeessiimmoo galtee sureessuu keessoo miiraati. Akkasumas malleen dubbiifi sureessuun dhimmoota ifatti dubbachuuf rakkisaa ta'an golganii yaadasaa uummata biraan gahuu keessatti gahee olaanaa akka qabu argannoo keessatti eerameera.*

# Galata

Kaayyoon qorannoo kanaa akka galma ga’uuf jalqabaa hanga dhumaatti yeroo isaanii osoo hinqusatin dadhabbiifi nuffii tokko malee gorsaafi deeggarsa ogummaa kan naaf kennaa turan gorsaa koo Dr. Xilahuun Taliilaa galanni isaaniif qabu bakka olaana qaba. Dabalataanis, gorsi isaan naaf gochaa turan milkaa’ina qorannoo kanaatiif gahee olaanaa waan taphateef Waaqni umrii keessan umrii harraagessaa isiniif haa taasisuun hawwii kooti.

Gama biroon, maatii koo osoo ofiif hinbaratin deeggarsa barbachisu hunda naaf gochuun na barsiisaaniif galanni koo bakka guddaa qaba. Kanaaf, galata keessaniif rabbiin umrii keessan haa dheeressuu hamtuun isin argin; gaarii keessan malee gurri namaa hamtuu keessan akka hindhageenye rabbiin oolmaa keessan isiniif haa kaffalu isiniin jedha. Isuma kanaan wal-qabatee kayyoon qorannoo kanaa akka bakka barbaadame gahuuf kan na cinaa dhaabbattee na jajjabeessaa turte haadha koo Xajjiituu Daammasaa galanni isheen qabdu bakka olaanaa qaba.

Dabalataanis, hiriyoota koo kanneen dhimma qorannoo kanaa irratti na cinaa dhaabbachuun deeggarsa ogummaafi maallaqaan na gargaaraa turan hundaaf galanni koo daangaa hinqabu.

# Jibsoo

## Maqaalee moggaasa biroon qaban

| T.L | **Jecha** | **Moggaasasaa**. |
|---|---|---|
| 1. | Akkasaa | Akkee |
| 2. | Arbeessa | Ukukkuubee . |
| 3. | Atee | Ateessa,jedhiiyaadi |
| 4. | Iddeessa | Bakkasaa ,bakkuusa ,Bakbuusa |
| 5. | Maladubbii | Qooladubbii,sadoommii |
| 6. | Mitihee | Eemiitii, dhugsoba |
| 7. | Nameessa | Namoomsa |

**BAAFATA**

**Qabiyyee** **Fuula**

Axereeraa………………………………………………………………………………….. I

Galata……..…..………………………….…………………………………………… II

Jibsoo…………………..………………………………………………………… ……III

BOQONNAA TOKKO: SEENSA.......................................................................................... 1

1.1.Seenduubee Qorannichaa ........................................................................................... 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ................................................................................................ 2

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ................................................................................................ 2

1.3.1. Kaayyoo Gooroo .................................................................................................. 2

1.3.2. Kaayyoowwan Gooree ........................................................................................2

1.4. Bu'aa Qorannichaa ......................................................................................................3

1.5. Daangaa Qorannichaa .................................................................................................3

1.6. Hanqina Qorannichaa ................................................................................................. 4

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ……………................................................. 5

2.1. Maalummaa Walaloo……………………….……………………………………………. 5

2.2. Barwalaloo……………..……………...………………………………………………. 5

2.3. Qooqa Walaloo………………………………..….……………………………………6

2.4. Maalummaa Malleen Dubbii ........................................................................................ 7

2.5. Gosoota Malleen Dubbii ............................................................................................... 8

2.5.1. Nameessuu ........................................................................................................ 9

2.5.2. Iddeessuu............................................................................................................ 10

2.5.3. Akkasa ................................................................................................................. 11

2.5.4. Habalaka .............................................................................................................. 12

2.5.5. Mitihee ............................................................................................................. 13

2.5.6. Arbeessuu ....................................................................................................13
2.5.7. Atee /Jedhiyaadii ................................................................................... 14
2.5.8. Tuqsee ..........................................................................................................14
2.5.9 Mallattoo ................................................................................................... 15
2.6.Maalummaa Sureessuu……………………………………………………………15
2.7 Akaakuu Sureessuu………………..……………………………….……………16
2.7.1. Sureessuu Argee……………………………………………………………..17
2.7.2. Sureessuu Dhageetti…………………………………………………..….….…17
2.7.3. Sureessuu Qaqabannaa ……………………..……………………..……....17
2.7.4. Sureessuu Funfannaa …………………………….……….…………..………17
2.7.5. Sureessuu Dhamdhammii ………………………………………..………...18
2.7.6. Sureessuu Keessoo Qaamaa……………………………………..……....18
2.7.7. Sureessuu Sochii…………………………………………………………....18
2.8. Hariiroo Maladubbiifi Sureessuu………………………………………………... 18
2.9.Gahee Malleen dubbiifi Sureessuu……………….……………………………...... 19
2.10. Sakattaa Qorannoowwan Walfakkii ..................................................................... 20
BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA ..................................................................... 21
3.1. Adeemsa Qorannichaa .......................................................................................... 21
3.2. Saxaxa Qorannichaa .............................................................................................. 22
3.3. Madda Odeeffannoo .................................................................................................22
3.4. Mala Iddeessuu .........................................................................................................22
3.5. Meeshaa Funaansa Ragaa…………………………………………………………..22
3.6. Malleen Qaacceessa Ragaalee ........................................................................... ….23
3.7. Qaacceessa…………………………..……………………………………………23

BOQONNAA AFUR : QAACCESSA ODEEFFANNOO ......................................................25
4.1.Obomboleettii…….........................................................................................................25
4.1. Qaacceessa Malleen dubbii……………………………………………………………26
4.1.1. Nameessuu ........................................................................................ …..28
4.1.2. Akkasaa ...................................................................................................32
4.1.3. Iddeessa .......................................................................................... 35
4.1.4. Arbeessuu...................................................................................................38
4.1.5. Mitihee .......................................................................................................42
4.1.6. Tuqsee.........................................................................................................46
4.1.8. Atee ............................................................................................................49
4.1.9. Mallattoo…………………..…………………………..…………………52
4.2. Qaacceessa Sureessuu …………………………………………………………….…...54
4.2.1. Sureessuu Argee………………..……………………………………..……..55
4.2.2. Sureessuu Dhageettii……………..……………………………………..…...57
4.2.3. Sureessuu Keessoo qaamaa…………………………………………….….…..60
4.3. Hariiroo maladubbiifi Sureessuu………………..……….……………………………62
4.4. Gahee sureessuufi maladubbii ……………………..……..……………………………...66
4.4.1.Yaada ifaa …………………………..……………………………………..66
4.4.2. Yaada Gaaddiiddeeffamuun Ibsame………………………………………. … …68
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO.................................................71
5.1. Cuunfaa ................................................................................................................... ..71
5.2.Argannoo.................................................................................................................. 71
5.3. Yaboo ..................................................................................................................... 74
Wabiilee………………………………………………………………………………...73
Dabaleewwan ………………………………………………………………………….75

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Ogbarruun ogummaa dhugummaa muxannoo keenya midhagseefi gabbisee uumufi ittin ibsuuf kan tajajiludha.Ogbarruun yaadoota bibbilchaatoo jireenya keenya keessatti barbaachisoo ta'an kan ittiin waliif dabarsiinu keesaa isa ijoodha jechuun ni danda'ama.Yaada kana cimsuun (Asaffa,2009) yoo ibsu ,*Literature is acreative work of art which expresses the truth of expereance in terms of beauty to be comprehended and it is ameans of communicating ideas of intellectual social significance.* Jechuun ibsa

Akka hafee armaan oliirraa hubannuutti ogbarruun qooqa miidhagina qabu kan suura sammuu namaa keessatti kaasu ,miira namaa tuquun kan barreeffamuu ta'uusaati.Kun immoo qooqni ogbarruu qooqa biroo irraa adda ta'uusaa agarsiisa.Akkasumas jechoota muraasaan yaada bal'aa dabarsuu danda'a jechuudha.Barreeffamoonni haala akkanaatiin dhiyaatan immoo kanneen ogbarruu jalatti hammataman yoo ta'an isaaniis barreeffamoota kanneen akka og-walaloo, asoosama, dowiifi seenaa jireenya ti.

Seenaa dagaagina ogbarruu keessatti og-walaloon bara durii bara 427 Dh.K.D -476Dh.K.B biyya Giriikii fi Roomaa keessatti hayyoota yemmuu san turaniin jalqabame jedhamee yaadama.Haata'u malee ogwalaloon Afaan Oromoo gama barruun jiru waggoota soddoomman kana keessa ilmaan Oromoon barreeffamanii sabaaf dhiiyaachaa jiru. Kanammoo yemmuu jalqabbii og-walaloo addunyaa waliin walbira qabne ilaalluu baayyee duubattii hafuu agarra. Sababni dubattii hafuu immoo dhiibbaa mootummoonnii Impaayera Itoophiyaa ta'e jedhanii ogbarruusaa irraatti qofa osoo hin taane akka walii galaatti Afaan Oromoo irratti duula balleessuu gaggeessuu isaaniti. Kanumaan walqabatee qabsoo ilmaan Oromoo taasiisaniin ogbarruun Oromoo sadarkaa barreeffamaan uumatasaa bira gahuu ga'eera.

Ogbarruun Oromoo baroota hedduuf cunqursaa jala haa turuyyuu malee yeroo ammaa kana ogbarruu Oromoos ta'ee Afaan Oromoon sadarkaa guddateera jedhamurra gaheera. Kanaafis waanti wabii ta'u,Afaan Oromoo manneen barnootaa sadarkaa tokkooffaa hanga Dhaabbiilee

barnootaa Olaanotti baratamaa jira. Afaanuma kanaanis hanga Doktarumaa baratamuu akka jalqabe sagantaaleen yunivarsiitii Finfinneefi Wallaggaa ni eeru.

Walumaa galatti yeroo ammaa ogbarruun Oromoos ta'ee og-walaloon Oromoo sadarkaa fedhii ummataa fi hanga barbaadame yoo ta'uu baatees maxxanfamanii saba bira gahaa jiru. Kitaabbilee walaloo Asaffaa Taffarraa *Edas Edanas* (1997)fi *Anaan'iyaa* (1998),akkasumas Jaarraa Lammu *Dhiiga Diinomte* (2000) kaasuun ni danda'ama.

### 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Kitaaba kanaan duratti barreessitoonni Oromoo walaloo adda addaa Afaan Oromootiin barreessaniiru. Walaloo kana keessaa walaloon *Obomboleettii* isa tokko. Haata'u malee, hangan ani sakkata'uuf yaaleetti qorannoowwan walaloo Oromoo bal'inaan gaggeeffaman hin jiran jechuun ni danda'ama.Kanarraa ka'uun qorattuun tun, malleen dubbiifi suuressuu walaloo qaacceessuu irratti xiyyeeffachuun kan qoratame hin argine. Walaloo ijaaruuf qamoleen hunduu murteessoo ta'aniillee , sammuu namaa keessatti fakkii uumuuf garuu , malli ittiin dubbatamuu sureessuun ( Imegery) murteessaa fakkaata.Kanarra ka'uufi hariiroo waliin qaban bu'uura godhachuun, qorattun malleen dubbii fi suureessa walaloo kana keessatti qaacceessuuf ishee kakaasera.

Qoraattunis gaaffilee bu'uuraa kanneen armaan gadii qorannoo ishee keessatti deebisuuf qophaa'eera.

- Gosoonni malleen dubbii walaloo kana keessa jiran maal fa'a?
- Gosoonni surreessuu walaloo kan keessa jiran maal fa'i?
- Walaloo kana keessatti hariiroon malleen dubbiifi suuressuun waliin qaban maali?
- Gahee suuressuufi malli dubbii walaloo kana keessatti maali?

### 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

#### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa itti fayyadama malleen dubbiifi sureessuu qaccessuudha.

### 1.3.2 Kaayyoowwan Gooree

- Gosoota malleen dubbii walaloo kana keessaatti argaman agarsiisuu.
- Gosoota surreessuu walaloo kana keessatti argaman baasuu.
- Walaloo kana keessatti hariiroo malleen dubbiifi suuressuun waliin qaban ibsuu.
- Gahee suuressuufi mala dubbii walaloo kana keessatti qaban ibsuu.

## 1.4 Bu'aa Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuun faayidaa mataasaa qaba. Qorannoon kun malleen dubbii fi sureessuu walaloo *Oboмboleetti* keessatti qaacceessuurratti xiyyeeffata. Firiin qorannoo kanarraa argame itti fayyadama malleen dubbii fi suuressuu walaloo keessatti gargaaramuu waliin walqabatee ibsa irraa argachuuf gargaaruu ni danda'a.

- Baratoota afaaniif yoo argatanii dubbisan itti fayyadama malleen dubbii fi suuressuu irratti hubannoo akka argataniif akka dabalataatti gargaaru nidanda'a.
- Barreessitoonni ogbaruu hojiin isaanii dubbistoota biratti fudhatama akka argatuuf karaa isaan qabsiisuu nidanda"a.
- Namoota mata-dureen qorannoo isaanii kana waliin walfakkaaturratti qorannoo gageessaniif akka ka'umsaatti tajaajiluu nidanda'a jedhamee abdatama.
- Hojiilee Zalaalam Abarraa keessaa tokko beeksiisuufis fayyaduu ni danada'a.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan xiyyeeffatu "Qaaccessa Malleen Dubbii fi suuressuu walaloo Obomboleettii Keessatti" jedhurratti.Sababni isaas Kitaabni kun biyya keessa bara 2018 G.C kan seene ta'uusaarratti baay'inaan walaloowwan isaa gurra namaa keessa seenuu bu'uureffachuun kitaabichi falatameera.

Kitaabni walaloo kunis gama mala dubbiifi suuressuu qaacceessuurratti kan fulleefateedha. Sababni isaas hangan ani qorannoowwaa biroo sakkata'uuf yaaleetti malli dubbiifi suuressuun walaloo tokkoo keessatti kan ittin ilaalaman hin argine. Kanummarraa ka'un mala dubbiifi surreessuu walaloo kana keessatti ilaalera.

**1.6 Hanqina Qorannichaa**

Qorannoon tokko yemmuu gaggeeffamu hanqinnoonni adda addaa qorataa muudachuu nidanda'u. Kanumaan wal-qabatee, qorattuun wayita qorannoo kana gaggeessaa turteetti rakkooleen ishee muudataniiru. Rakkoolee kanneen keessaa inni tokko rakkoo qorannoo walfakkii akka garaatti bal'inaan argachuu dhabuudha. Haata'u malee qorannoo walfakkii ishee gargaaran namoota gargaaruuf fedhii agarsiisan irraafi toora interneetiitti irraa fayyadamuun rakkoo kana jalaa bahuu dandeessetti.

## BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaa kana keessatti maalumaa walaloo,barwalaloo,qooqa walaloo, maalummaa malleen dubbii, gosoota malleen dubbii, maalummaa sureessuu, gosoota sureessu fi qorannoon barruu walfakkii sakatta'amaniiru.

### 2.1 Maalummaa walaloo

Yaadrimmee walaloo bara durii keessatti Sooqiraaxas akka jedhuutti, uunkaa dhugaa waantoota naannoo keenyaafi guutuu adduunyaarratti argaman kan hundaa yaada wayee wanta sanaati.wantonni arginu kun akkeessa dhugaati. Walaloon immoo akkeessa kana akkeessa. Kanaaf barruu dhugaa irraa tarkaanfii lama fagaata jedha. Philaaxoos immoo walaloon madaala hamilee biyyaa fi namootaa bakka warraaqsa, kufaatii hamiilee biyyas ta'u namarraan ga'a,Kanaafuu, waloon addunyaa dhugaa keessa seenuu hinqabu jechuun barreessee falmaa ture. Aristootil walaloon suga miira namaatii fayyina fida, soda fi gadda nama keessa jiru daddamaqsuun ,nama keessaa mancaasee fayyina namaaf kenna.jechuun kaa'a. Misgaanuu Gulummaa (2013)

> *A poem is a written composition for performance by the human voice. It is often written in verse stanzas, characterized by concentrated language in which words are chosen for their sound and suggestive power as well as for their sense, and involves metre, rhyme and figures of speech* Stallworthy (1997).

Yaada armaan oliirra akka hubannuutti walaloon barreeffamaa qophaa'ee sagaleen kan dhiyaatudha.Bo'oon, ceesiisaan kan tolfamu, miira namaa qabee tursiisu kan danda'u, yeedaloofi malleen dubbiitti kan dhiimma bahudha.

Ka'umsa yaada oliirraa walaloon akkeessa addunyaa dhalli namaa miirasaa fi yaadasaa ittin ibsatu ta'ee hojii kalaqa jechoota filatamootti dhimma bahudha.

### 2.2 Barwalaloo

Walaloon barreeffama dame ogbarruu keessaa kan midhaginaan barreeffamee dubbisaaf dhiyaatudha. Walaloon barreeffamaa ogbarruuwwan kaan caala filannoo jechaan, fayyadama mala dubbiifi sureessuu gargaaramee waan dhiyaatuuf yaada baay'ee bal'aa ta'ee tokko bifa gurmaa'een ibsa.

> *Barwalaloon barreeffama ogbarruuwwan kaan wajjiin walbira qabamee yoo ilaalamu kalaqa umurii dheeraa qabachuudhaan beekama.Barwalaloon caaccuulee irraa ijaaramuufi ilaalcha keessa galchu hedduu qaba. Isaan keessaa kanneen bu'uura ta'an filannoo jechootaa, birsaga, walsimannaa sagalee, yeedaloo, safara sarara, malleen dubbiifi suuressuu fa'a*(Birhaanuu,1999).

Yaada armaan olii irraa akka hubatamuutti walaloon tokko akka nama hawwachuu danda'uf filannoo jechootatti fayyadamuu qaba. Walalichi filannoo jechootaatiin faayamee yoo dhiyaatee, dubbisaan yeroo dubbisuu salphummatti hubachuufi jaalachuu danda'a.Walaloo keessatti yaadi darbuufi jechoonni yaada sana ibsan xiyyeeffanna argachuu qabu. Kanaaf waloon tokko yemmuu walaloo tokko barreessuu, jecha yaadasaa ibsuuf filatee ittii fayyadamuu qaba.

### 2.3 Qooqa Walaloo

Qooqni walaloo qooqa biroo irraa adda. waloon yemmuu walaloo barreessuu jechaafi ijaarsa seerluga guyyu guyyuu namoonni fayyadaman irraa adda ta'e fayyadama.Kanarraa ka'uun dubbiisaan walaloo haala barreeffama biroo dubbisu irraa adda godhee dubbisa.

> Yaada kana (Sylvan and William E.cain,2009*)* Akkas jedhee ibsa. *Language of potery is abroad category that include figurative speech as well as sound device and imagery From whole of language the author selects certain words and grammatical constructions; these selection constitutes the person's and sequence of words the way the words are meant to be heard playfully ,angrily ,confidentially ,ironically.* Jechuun ibseera.

Walaloo keessatti itti fayyadamni jechootaa kanneen akka malleen dubbiifi suuresssuu fa'atti dhimma bahuu of keessa qaba. Malleen dubbiis ta'ee suuressuun jechoota walaloo ykn barreeffama tokko keessatti hiika kallattiin qaban irraa hiika gabbataa akka qabaatu kanneen taasiisanidha.

> Yaada oliirratti dabaluun waa'ee malleen dubbiifi sureessuu yoo ibsan, (Sylvan and William E.cain,2009) "*The importance of figurative language and imagery are saying one thing in terms of something else.Words have their literal meaning, but they can also be used so that something other than the literal meaning is implied*." Jechuun ibsa.

Kanumarra ka’uun malleen dubbiifi suureessuun qooqa ogwalaloon dhimma itti bahu jechuun kaa’uun ni danda’ama.Akkasumas waloon yemmuu walaloo barreessuutti filannoo jechootaa,malleen dubbii fi sureessuutti dhiimma baha.Isaanis walalicha hawwataafi hiika gabbataa akka qabaatu taasiisuu keessatti qooda olaanaa qabu.

## 2.4 Maalummaa Malleen Dubbii

Malli dubbii dhimma tokko kan ibsu haala galumsaafi hiika jechootaa yookin gaaleewwanii kan barataman irraa bifa adda ta’een yookin yaada addaafi filatamaa ta’een cimsee kan ibsuudha. Kunis haalli itti uumamuu danda’u keessaa amala, miira, gochaafi haala wajjin wal-dogomsiiisuun, fakkeessuun, amala isa tokkoo kan biroof kennuun yookin jijjiiruufi bakka buusuuni.

Kana jechuun wanti hubatamu malli dubbii haala adda addaa keessaatti kan gargaarufi faayidaa qabaachuusaa hubachuun nidanda’ama. Kunis hiika jechootaa barreeffama keessattis ta’ee dubbii keessatti haala duraan beeknu sanarraa bifa adda ta’een kan itti gargaaramnu waan taeef hiikni jechoota achi keessatti argamanii hiika kallattii osoo hintaane akkaataa malli dubbii sun hiika itti argachuu qabaniin kan hiikamu ta’a.

Yaaduma kana deeggaruun, Addunyaa (2014:208) haala armaan gadiin ibsa.

> *Malleen dubbii fayyadama afaanii kan haala salphaa ta’een ergaa tokko nama hubachiisaniidha. Kana jechuun karaa ittiin waan guddaa tokko xiqqeessan, xiqqoo immoo arbeessanii, kan nama hin taane nameessanii, namammoo binensanii, wal-cinaas qabanii, cinaachaan himaniifi wkf taasisuun hubannoof haala mijeessan.* jechuun barreesseera.

Akkaataa fayyadama afaanii keessatti ergaa waan tokkoo haala garaagaraatiin dabarsuuf kan gargaaran malleen dubbiiti. Kana jechuun wantoota adda addaa waan birootiin wal-bira qabuun wal-dorgmsiisaa, akkasumas waan amala namaa hinqabne amala dhala namaa gonfachiisuun ergaa waan dabarsuu barbaannu tokkoo salphaatti akka hubatamuuf kan tajaajilaniidha. Fayyadama afaanii yemmuu jennu immoo akkaataa adda addaatiin ibsuun nidanda‟ama. Haasawaa namoota lama gidduutti taasifamu keessatti fayyadamni afaanii bal’inaan mul’achuu nidanda’a. Kunis, haasawa keenya keessatti sagalee gar-malee ol kaasuun, giddu-galeessattiifi

gadi-buusanii sagaleessuun fayyadama afaanii keessa isa tokko. Kun immoo waan tokko humnaa ol guddisuufi gadii buusuun tajaajila mala dubbiti..

> Waa'ee malleen dubbii Harry (1972:208) yemmuu ibsu, "*A figure of speech in which the literal (denotative) meaning of a word or statement in the opposite of that intended. In literature, it is a technique of indicating an intention or attitude opposed to what is actually stated "*jechuun barreesseera.

Qabxii kanarraa kan hubatamu, malleen dubbii barreeffamoota yaad-uumeefi dubbii haasawamu tokko amansiisaa taasisuuf gahee guddaa taphachuu akka danda'uudha. Kana jechuun tajaajilli malleen dubbii barreeffama keessatti qofa osoo hintane waliin dubbii namoonni taasisan keessattis shoora olaanaa taphaachuu isaatu hubatama.

Walumaagalatti yaada kanarraa kan hubatamu malleen dubbii akkaataa namni tokko haasaawa duraan beekurraa akkaataa adda ta'een nama biroof ittiin dabarsuuf kan tajaajiluudha. Kana jechuun yaada dubbatamu tokkoof hiikni kennamu sun hiika duraarraa haala dhokataa ta'een kan dhihaatu jechuudha.

**2.5 Gosoota Malleen Dubbii**

Gosoonni malleen dubbii garagaraatu jira. Isaanis walbira qabuu, waldorgomsiisuu,bakka buusuu irratti hundaa'u.Kana ilaalchisee Cuddon (1982:27) yemmuu qoqqoodu, "*There are many figure of speech devices. Figure of speech is divided into: simile, metaphor, personification, apostrophe, hyperbola, antithesis, synecdoche, paradox and symbol"* jechuun qoqqoodeera.

Yaada kanarraa kan hubatamu malleen dubbii gosoota adda addaa qabaachuu isaaniti. Isaanis: akkasa, iddeessuu, nameessuu, atee, habalaka, arbeessuu, mitihee, fakkoofi mallattoo fa'adha. Gosoonni isaanii kunis akka armaan gadiitti fakkeenya waliin ibsamaniiru.

### 2.5.1 Nameessuu

Nameessuun gosoota malleen dubbii keessaa isa tokko ta'ee amala dhala namaa lubbu-qabeeyyii yookin lubbu-maleeyyii biroof kennuun dandeettii dhala namaa gonfachiisuun kan dhiyeessu dha.

Yaaduma kana deeggaruun Addunyaa (2014:211) yoo ibsu. *Akkuma maqaa isaa nameessaan lubbu-maleeyyii yookaan lubbbuqabeeyyii biroo amala namaa gonfachiisuudha. Haala kanaan akka namaatti beela'anii akka quufan, deemanii akka galan, ijaaranii akka diigan, dhiyaatanii akka hiiqaniifi wkf akka dalagan kan taasisu fayyadama afaaniti."* Jedha.

Yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu, ogummaafi dandeettii dhala namaa akkaataafi yeroo addaa addaa keessatti wantoota garaagaraaf kennuun maleen dubbii keessaa nameessuu akka ta'e hubachuun nidanda'ama.

> Miller fi Greenberg (1991:66) maalummaa nameessuu akkanatti ibsaniiru. *Personification is used in speech and writing for giving inanimate objects, abstract concepts or actions, human or near human characteristics, having the quality of metaphor since it is a metaphoric way of spicing up writing, and making the abstract more relatable. In it, distinctive human characteristics, e.g honesty, emotion, volition, etc., are attributed to an animal, object or ideas.*

Malleen dubbii kana keessatti dhala namaan ala kan ta'an yoo nyaatan, dhugan, yaadan, koflan, taphatan, akkasumas gochoota namaa kan biroos yoo hojjetan kan mul'taniidha.

Gama biraan, Fedhasaa (2013:98) maalummaa nameessuu yemmuu ibsu, "*Nameessi dubbii qolaa wanta, horii, bineensaafikkf amala namummaa gonfachiisuun dhiheessudha. Mala bineensonni ittiin amala ilma namaa wantoota biroo gonfachiisuun hojiisaanitti humna horaniidha"* jechuun ibse.

Walumaagalatti yaada kanarraa kan hubatamu nameessuun wantoota adda addaa dandeettii dhala namaa qabu gofachiisuun dhiyeessuudha.

### 2.5.2 Iddeessa

Iddeessuun wanta tokko waan birootin bakka buusanii ibsuudha. Gosti mala dubbii walaloo keessattis bu'uura. Walmadaalchisuun iddeessuu keessatti yeroo hunda fuulleefi fuullettti kan hinmul'annee haata'u malee jira.

Yaada kanarraa kan hubatamu wantoota adda addaa bakka walii buusuun, waan tokko isa birootin dorgomsiisuun akka danda'amuudha. Kunis wantoonni bakka walii bu'an kun gosaafi amalaan kan wal-hinfakkaanne yemmuu ta'an, wantoota kana bakka walii buusuun itti gargaaramuun kunis iddeessuu jedhama.

Waa'ee iddeessuu ilaalchisee Fedhasaa (2012:97) akkasii gadii kanaan ibsa.

> *Iddeessi kan wanta tokko bakka waan biraa buusee, waanuma sana taasisuudha. Jechoota akka, amma, fakkaata, caala jedhan hinfayyadamu malee innis dorgomsiisa wantoota walhinfakkaanne lamaati. Iddeessi akkasa caalaa hubannoon xiinxaluu barbaada. Sababnisaa, jechoota baay'ee dhokataafi bira gahuuf kan nama rakkisuutti fayyadama. Kunis iddeessi waan tokko waan biroo taasisuun kan agarsiisu waan ta'eef sirriitti xiinxaluu barbaada.* jechuun ibseera.

Yaadni kunis iddeessuun waan tokko waan birootiin bakka buusuun waan sana ibsuufi akkasumas amala waan sun ittin walfakkaatu beekuf xiyyeeffnnoo guddaa itti kennuun hubachuu kan barbaadudha. Akkasumas iddeessuufi akkasaan wantoota lama waldorgomsiisuu isaaniitiin akka walfakkaataniifi jechoota akkasaan gargaaramu iddeessi kan itti hingargaaramne ta'uu isaaniitiin garaagarummaa akka qaban hubachuun nidanda'ama.

Ergaa malla dubbii kanaa hubachuuf aadaafi safuu hawaasichaa sirriitti beekuufi hubachuun barbaachisaadha. Kunis hiikni duraan beeknu sun yaada isa lammataa kana hubachuuf shoora olaanaa qaba.

**Fakkeenyaf:**

a. Caalaan Waraabeessa.

b. Oromoon leenca.

Himoota armaan olii kana keessatti inni tokko iddoo isa biroo bu’uun amala waan sanaa yemmuu qooddatu nimul’ata. Hima tokkoffaa keessatti albaadhessuummaa Caalaan qabu agarsiisuuf jecha iddoo waraabessaa buusuun ifatti kan mul’ata. Hima ittaanu kana keessattis Uummanni Oromoo bakka leencaa bu’eera. Kunis uummanni Oromoo goota ta’uusaa agarsiisa.

### 2.5.3 Akkasaa

Akkasaan gosoota malleen dubbii keessaa isa tokko ta’ee jechoota ‘akkaafi fakkaata’ jedhamanitti dhimma bahuun wantoota lama wal-cinaa qabuun isa tokko isa biraatin kan ilaaluudha.

Addunyaafi kaawwan (2005:82)yemmuu ibsan, “*Akkasaan mala ittiin wantoota lama wal-cina qabuun isa tokko isa biraatiin ilaalanidha. Kunis jechoota ‘akka, fakkaatafi gaha’ jedhanitti dhimma baha*” jechuun ibsa.

Akkasumas akkasaan dhimmoota lama kanneen uumamaan tokko hinta’in bifaan ykn amalaan walbira qabuun waliin madaalee kan agarsiisudha.

Maalummaa akkasaa Fedhasaan (2013:97) yoo ibsu, “*Akkasaan waldorgomsiisa wantoota lamaati. Kana jechuun jechoota akka, fakkaata, caala, amma, jedhan gargaaramuun waldorgomsiisa. Garuu, akkasaan walfakkeenya tokko karaa dhokataa ta’een ibsa*" jechuun addeesseera.

Yaadni kunis akkasaan wantoota lama walbira qabuun jechoota isaan kana lameen waldorgomsiisuu danda’anitti dhimma bahuun kan itti gargaamnuudha.

Fakkeenyaf:

a. Caaltuun asheeta birraa fakkaatti.
b. Badhaasaan akka booyyeetti nyaata.

Fakeenya armaan olii kana keessatti wantoota adda addaa wal-bira qabuun waldorgomsiisuun nimul’ata. Hima tokkoffaa keessatti Caaltuu asheeta birraa waliin wal bira qabee yoo madaalchisuu argina.Kanaafuu, Akkasaan wantootaa, bineensaa fi dhala namaa wal-bira qabuun jechoota ‘akkaafi fakkaata’ jedhamanitti gargaaramuun wal-dorgomsiisa.

### 2.5.4 Habalaka

Malli dubbii kun dhaamsa tokko faallaa isaatiin dabarsuuf kan gargaaru. Kana jechuun dhaamsa osoo ifatti hinbaasiin karaa dhoksaa ta'een dabarsuuf kan gargaaru jechuudha. Habalakni kan jechoonni kallattiin hima tokko keessa jiran hiika faallaa wanta yaadamee sanaa bakka bu'uun kan argamanidha. Habalakni mala yaada duraan dhugaan jiru tokko faallessinee agarsiisnudha.

Yaaduma armaan olii kana cimsuun Fedhasaan (2013:97) waa'ee habalakaa akkaataa armaan gadii kanaan ibseera.

> *Habalakni dubbii addummaa wanta fakkaatuufi dhugaan ta'e gidduutti mul'atuudha. As keessatti wanti jedhamuuf ka'e isa jedhame miti. Hiikasaa hubachuun kan danda'amu waan barreessaan dhugaan jechaa jiruu sirriitti yoo hubatameedha. Hiikni himamu faallaa isa jedhameeti.*

Fakkeenyaf,

a. Nama dheerinan gabaabaa ta'e tokkoon "Birbirsi dhufe."jechuudha.

Hima armaan olii kana keessatti dhimmi argamu waliif faallaa kan ta'efi dhaamsi ergichaas caasaa himichaa keessaa kan gara dhumaatti argamuudha. Kana jechuun namni nama hojjaansaa baay'ee gabaabaa ta'en Namichi birbirsi sun dhufe yemmuu jedhu karaa faallaa dhimma dubbachuu barbaanne tokkoof karaa dhokataa ta'een dhaamsa dabarsuun habalaka jedhama.

Habalakni dubbii keessatti qofa osoo hintaane barreeffama keessattis qaama nu bira hinjirre tokkoof karaa dhoksa ta'een yaada qabnu dubbistoota keenya biraan ga'uuf ni tajaajila.

### 2.5.5 Mitihee

Jechoota ykn waantoota walii faalla ta'an garuu yaada walii ciimsan kan ilaaludha. Yaanni himichi qabatees eeyyeen ykn miti kan nama jechiisiisudha.

Kanumarraa ka'uun, Addunyaafi kaawwan (2005:83) yoo ibsan, "*Mitiheen wantoota walii faallaa ta'an lamaan yaada keenya ittin ibsuu yoo barbaanne mala nu gargaarudha*" jechuun ibseera.

Fakkeenyaf:

a. Yoo nagaa barbaadde waraani.

b. Inni osoo nyaatuu beela'a.

Himoota armaan olii keessatti jechoota waliif hiika faallaa ta'an qabanitu argama. Hima tokkoffaa keessatti namni nagaa barbaadu waraana kaasuu hin qabu jenne yaannagama biraan ammo waraanaanii mo'icha gonfachuun nagaa buusuun ni danda'ama.Kanaaf yaanni kun deebii eeyye ykn miti jedhuu akka kenninu nu taasiisa.

Walumaagalatti, hima tokko keessatti jechoota waliif hiika faallaa qaban hima tokko keessatti wal-faana galchuun dhimma itti bahuun akaakuu malleen dubbii keessaa habalaka ta'a jechuudha.

**2.5.6 Arbeessuu**

Malli dubbii kun amala wanti tokko qabu gar-malee ol kaasuun yookin gar-malee gadi buusuun ibsuuf kan gargaaruudha. Kana jechuun yaada tokko guddisuufi xiqqeesuun ibsuuf kan tajaajiluudha.

> Addunyaafi kaawwan (2005:83), *Malli dubbii kun waan tokko garmalee arbeessuun ykn xiqqeessuun dhiyeessuu ilaallata jedhu. Arbeessuun dhugaa jiru tokko irratti garmalee dabaluudha. Malli dubbiii kun olkaasanii mul'isuuf yookin miira dinqisiifannaa nama keessatti uumuuf fayyada.*

Fakkeenyaf:

a. Intalli hanga saattawwaa dheeratti.

Akkuma hima armaan oliirraa hubachuun akka danda'amutti amala wanti yookin namni tokko qabu humnaa ol guddisuufi gadi buusuun nimul'ata. Hima kana keessatti dhalli namaa hammuma fedhe yoo dheeratee illee hanga saattawwa kan gahu miti. Kana jechuun baayyee olguddifamee dhiyeessame jechuudha.

Walumaa galatti arbeessuun waan tokko baayyee olguddisee ykn gadii buusee kan dhiiyeessuudha.

### 2.5.7 Atee

Ateen waan nu bira hinjirre tokko akka waan nu bira jiruutti dhiheessuun kan itti gargaaramnudha.

Yaada kana deeggaruun Isaaq (2003:10) Zarihuun (1992: 116) wabeeffachuun haala kanaan ibseera.

> *Ateen waan nu bira hinjirre tokko namas ta'ee namaan ala kanneen ta'an akka waan nu bira jiranii nu dhaggeeffataa jiraniifi deebii nuuf kennuu danda'anitti fudhachuun, gaaffii gaafachuu, marii wajjin taasisuun, haasofsiisuu, gaddisiisuun yookin kofalchiisuu irratti hundaa'ee mala dubbii uumamuudha.*

Yaada armaan olii kanarraa hubachuun kan danda'amutti, mala dubbi kan kessatti lubbb-qabeeyyiifi lubbu-maleeyyii kamiiyyuu kan nutti dhihoo hinjirre tokko akka waan nu bira jiruutti itti dubbachuufi haasofsiisuun malli dubbi mul'atu ate ta'uusaa hubachuun ni danda'ama.uudha.

### 2.5.8 Tuqsee

Tuxqseenaan gosoota malleen dubbii keessa isa tokko ta'ee waan tokko ,bakka wayii ,namas ta'ee waan biroo maqaa dhahuun akkaataa seenaatiin dhiheessuuf kan gargaarudha.

Yaada kana deeggaruun Fedhasaa (2013:8) "*Tuqxu-seenaan hojii hogbarruu keessatti waa'ee iddoo, namootaafi gochaa karaa mul'atuun yookin alkallattiin seenaa wabii godhatee hojii biroo keessatti kan agarsiisudha*" jechuun ibseera.

Fakkeenyaf: Kabadaa Buzunashi gorootti ol dachaase hundumashii.(Madda : Afoola Oromoo)

Walaloo armaan olii kana keessatti dhimmoota seenaa waliin wal-qabatan hedduutu jira. Kana keessaa goota oromoo kan ta'e Kabaddaa Buzunash seenaa goottummaa isaa yaadachisa. Seenaaasaa kana keessattis bakka Gooroo jedhamuutti diina ari'usaa himuma kanaan seenaa darbe nutti hima.

### 2.5.9 Mallattoo

Malli dubbii kun wanta ijaan hinmul'anne tokko waan mul'atuun bakka buusanii mul'isuun kan ibsamuudha. Yaaduma kana wajiin kan deemuu Yaadannoon (2014:90) akka ibsutti, "*Dubbii qolaa kana keessatti wanti tokko waan biraa bakka bu'ee mallattoon agarsiisuudha"* jechuun hiika.

Yaada kanarra hubachuun akka danda'amutti dhimmoota adda addaa keessatti waan tokkoof bakka bu'aa isaa kaasuun akka mul'atutti kaa'un gosoota malleen dubbii keessaa mallatteessuu ta'a jechuudha.

Fakkeenyaf: "Bullukkoo uffatee taa'a." Hima jedhu kana keessatti ergaa himichaa kan ilaallu yoo ta'e akka Oromoon beekutti bullikkoo maanguddootu uffata. Kun immoo oromoo biratti mallattoo jaarsumma ykn maanguddumaati. Kanaaf ergaa hima kanaa haala salphaan kan hubatamu ta'a jechuudha.

## 2.6 Maalummaa Sureessuu

Sureessuun suura fayyadama afaanii miira barreessa itti arguuf, dhagahuufi miira walii galaa hubachuuf gargaarudha.Akkasumas suurrii sammuu dubbisaa keessatti jechoonni uuman bu'aa hubannoo dubbisaan walaloo irraa argateedha.

> Yaada kana Steve Croft fi Helen Cross(2000:56) "*An image is alanguage use in such away as to help us to see, hear ,feel , thing about or generally understand more clearly what is being said or the impression that the writer wished to convey."*jechuun ibseera
>
> Gama biraatiin Siwontoron (2002:49) *Imagery can be meant as amental picture , apicture ,portrait or picture illusions created as a result of areader's reaction in understanding the poem. Imagery emerges as aprocess to continue meaning in the text. To find the imagery, the reader must have good reading supported by the mastery of vocabulary, grammar, and cultural aspects. The reader have to be aware that the text is not our language , so we must adjust with enthusiasm the other text, Because of the reader will be able to understand imagery by having agood participant with cognitive and emotional*.jechuun ibsa.

Yaada armaan oliirra akka hubannuutti suuressuun sammuu dubbisaa keessatti adeemsa waliitti fufaan ergaa haala salphaandabarsuuti.Suuressuu hubachuuf dubbisaan fayyadama jechootaa, seerlugaa fi hubannoo aadaan deeggaramuu qaba. Akkasumas dubbisaan xiinsammuu fi miiraan akka irratti hirmaatu taasiisa.

> Laurence Perrine(1992:49) *That the word 'image' perhaps most often suggest a mental a picture , something sense in the mind's eye . Therefore visual imagery is the kind of imagery that occurs most frequently in poetry. An image also represents a sound , asmell, ataste , atouch such as hardness, softness, wetness, or heat and cold , an internal sensation ,movement or tension.'*jedha

Akka yaada arman olii irraa hubatamuutti suuressuun suura sammuu keessatti kaasuun sammuun akka ilaalu taasiisa.Kanaaf suuressuun argee akaakuu suuressuu ta'ee yeroo hedduu walaloo keessatti kan mul'atu. Akkasumas suuressuun sagalee, foolii, dhandhamaa fikkf bakka bu'a.

Akka walii galaatti Suuressuun suura sammuu dubbisaa keesstti waama. Akkasumas bakka dubbiisaan waan walaloon jedhuu irraa hubatuu yoo ta'u suura ifa ta'e dhiyeessuuf, haala addaa uumuuf, yaadaa fi miira dubbisaa hawwachuuf tajaajila.

## 2.7 Akaakuu Sureessuu

Akaakuun suuressuu kanneen akka argee, dhageetti, funfannaa, qaqqabannaa, sochii,dhandhammii fi keessoo qaamaa fa'a.Isaaniis akka armaan gadiitti kan ilaallu ta'a. Laurence perrine fi Thomas R.A.A.P (1992).

### 2.7.1 Suuressuu Argee

Suuressuun kun ilaaluun ykn arguun waliin kan walqabatuudha. Akaakuu sureessuu ta'ee yeroo hedduu walaloo keessatti dhimmi itti bahama. Sababni isaas jechoonni walaloo keessatti dhimma bahaman hundi kan argaman ykn kan ilaalamanidha. Suuresuu argeen ala walaloo barreessuun ulfaatadha.

*Visual imagery is an imagery which relates to visual imagination and it is a kind of imagery that appears mostly in the poem because almost words represented in the poem are basically seeable.*

### 2.7.2 Suuressuu Dhageetti

Suuressuun dhageetti dhagahuu sagalee waliin walqabata. Yeroo suuressuu kanatti dhimma itti bahamu dubbisaatti miira dhageettiitu itti dhagahama malee kaayyoodhaan kan dhaggeefatamu miti.

*Auditory is an imagery which relates to the auditory ….when the reader reads, ,he only fell the sense of hearing but not really hearing in purpose*.

### 2.7.3 Suuressa Qaqqabannaa :

Suuressi qaqqabannaa miira ho'aa fi qorraa ittin adda baafannu ta'ee waan tokko akka qabannee lallaafinaafi jajjabina adda baafanuu; walaloo yemmuu dubbisnu immoo suuressuun qaqqabannaa akka miirri qaqqabachuu kun nutti dhagahamu taasiisa.

*Tactile is an imagery which relates to tactile sense such as cold and warm. This imagery has relationship with the tempreture like heat and cool or our touch sense.*

### 2.7.4 Suuressuu Fuunfannaa:

Suuressi funfannaa miira fuunfachuun kanneen akka urgaa, fi ajaa ittin adda baafannu waliin walqabata.Dubbisaan yeroo walalicha dubbisuu akka waan tokko itti ajaa'etti ykn ugaa'etti itti dhagahama.

*Olfactory is an imagery which relates to olfactory or smelling sense like fragrant , unpleasant smell and the others related to the aroma*.

### 2.7.5 Suuressuu Dhandhammii :

Suuressuun dhamdhammii miira mi'aawaa , kuraawaa , hadhaawaa fi kanneen kan fakkaatan waliin kan walqabatu.Kunis yemmuu waloon jechoota dhndhammii ibsanitti fayyadamee ;dubbisaan immoo yeroo dubbisuu miirri dhandhammii itti dhagahame kan mul'atudha.

*Gustory is an imagery which relates to the taste such as sweet and briny and others related to the flavor.*

### 2.7.6 Suuressuu Keessoo Qaamaa :

Suuressuun qaamaa keessaa kun miirota kannen akka dheebuu, beelaa , dhukkubaa fi kkf keessoo qaamaaa keessatti irraa ka'an waliin kan wal qabatuudha.

*Organic is an imagery which relates to internal sensation of human body such hunger, thirst, pain etc*

### 2.7.7 Sureessuu Sochii

Suressuun sochii miiraa walqabannaa, sochii, cinqama namaa waliin kan walqabatuu fi hidhannaan lafee waliin qabu fa'a dhiyeessa.

*Kinesthetic imagery conveys asense of movement or tesion in the muscles or joints. In the ghost house could be studied how the poet describes the kinesthetic imagery.*

## 2.8 Hariiroo Maladubbiifi Sureessuu

Qooqni walaloo qooqa biro irraa adda.Jechoota muraasaan yaada gadi fagoo ibsa.Kana gochuuf immoo ittifayyadamni afaanii ykn filannoon jechaa murteessaadha.Itti fayyadama afaanii kana keessa malli dubbiifi sureessuun ni jira.

Yaada kana (Harry Shaw:1905)Figurative language is abroad category that include figurative speech as well as sound device and imagery.jechuun ibsa.

Sureessuun mala dubbiitti dhimma bahuun gochaafi yaada jechaan bakka buusee dubbisaatti qaamoota miiraa dubbisaatti akka dhagahamu kan taasiisudha.

Yaada kana (Harry Shaw:1905) Imagery means to use figurative language to represent object,action and ideas in such away that it appeals to our physical sense.jechuun ibsa.

Sureessuun ga'umsa barreessaan jechoota filachuufi maladubbiitti gargaaramuun suuraa sammuu dubbisaa keessatti uumuti.

Yaada kana (Harry Shaw:1905) Imager can be defined as awriter or speaker's use of words or figures of speech to create avivid mental picture or physical sensation jechuun ibsa.

Walumaa galatti mallidubbii galtee sureessuu ta'uun hiika bareessaan dubbisaaf dabarsuu barbaade bifa guutuu ta'een akka darbu kan taasiisudha.

## 2.9 Gahee Mala dubbiifi Sureessuu

Malliidubbiifi sureessuun mala dhaamsa tokko ittin dabarsan ta'ee dhaamsi kun yaada dhoksaafi gadi fagoo ta'e ibsuuf kan tajaajiludha.

Yaada kana (Neil Kokumuller :2007) "*Figurative languages are avery important method of communication in our society. They specify between different shades of meaning and give more accurate description"* Jechuun ibsa.

Malli dubbii jechoota yaada keenya ibsachuuf guyyuu itti gargaaramnu haala adda ta'een kan dhiyeessuudha. Kunis bifa dorgomsiisuun,walmadaalchisuu fi walbira qabuun dhiyeessuu danda'a.

Yaada kana (Neil Kokumuller :2007) *Figurative language is a language that uses words or expression with a meaning that is different from the litereal interpretation (actual words used) often to describe something by comparing it to something else or to create mental pictures with words.* Jechuun ibsa.

Malli dubbiifi sureessuun yaada walxaxaa ta'e tokko haala midhagina qabuun kan dhiyeessuudha.Dabalataanis toonii tti dhimma bahuun miira agarsiisuu fedhuu giddugaleefatee ibsuuf ni tajaajila.

Yaada kanas (Nei Kokumuller :2007*)"Figurative language plays amajor role in compelling literary works.Figurative language is a contrast literal language .Its primary purpose is to force readers to imagine or intuit what an author means with an expression or statement multiple literary devices and elements are commonly used in the category of figurative language" Jechuun ibsa.*

Walumaagalatti yaada tokko miira dubbisaa hawwachuun ergaa dhoksaa ta'e dabarsuuf malli dubbiifi sureessuun gahee olaanaa qabu. Dubbisaan yemmuu dubbisuutti osoo hin nuffiin dhaamsa barbaachisaa ta'e akka fudhatuuf shoorri malli dubbiifi sureessuun qaban olaanaadha.

## 2.10 Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii

Qorannoo tokko yeroo gaggeeffamu sakatta'a barruu walfakkii ykn qorannoo kanaan dura hojjetame waliin wal bira qabanii ilaaluun barbaachisaadha. Kunis hanqinaafi cimina qorannoo duraan tureefi kan amma hojjetamee walbira qabanii xiinxaluun yaada sirreeffama yookin yaadaa dabalataa kaa'udha. Kanaan walqabatee barruuwwaan sakkatta'aman akka armaan gadiitti taa'u.

Isaaq Bariisoo qorannoo isaa (2003) mata-duree "*Sakatta'a Haala Fayyadama Sadoommii Kitaaba Walaloo Mootii* *<u>Qubeefi Kumee kumaatamaa</u>* jedhu irratti kan xiyyeeffatuudha. Qorannoon kunis ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan gaggeeffameedha.

Ahmad Mohammeed qorannoo isaa (2012) mata-duree "*Xiinxala Sadoommiiwwan Walaloo* *<u>"A''AA!"</u>* *jedhu irratti kan xiyyeeffateedha*. Qorannoon kun kan gaggeeffame ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan gaggeeffame yoo ta'u, qorannoo kana waliin dhimma mala dubbiin walqabatuufi haala qaaccessasaa irratti kan walfakkaatudha.

Ibsaa Addunyaa qorannoo isaa (2016) mata-duree "*Qaacessa itti fayyadama malleen dubbii walaloo* *<u>Anaa'iyaa</u>* *keessatti "* kan gaggeeffameedha. Qorannoon kunis ulaagaa digirii lammataa guuttachuuf kan gaggeeffame yoo ta'u qorannoon isaa kun qorannoo kana waliin wanti wal isaan fakkeessu akaakuu malleen dubbii, hiika isaanii tarreessuun fakkeenya waliin dhiheessuusaati.

Garaagarummaan qorannoo kanaafi kanneen armaan olii akka armaan gadiitti ta'a.

- Qorannoowwan armaan olii sakkatta'aman itti fayyadama malleen dubbii qofarratti kan xiyyeeffatan yoo ta'u, qorannoon kun immoo itti fayyadama malleen dubbii fi suuressuu irratti kan xiyyeeffatuudha.
- Qorannoowwan armaan olii gosa malleen dubbii adda baasuurratti kan xiyyeefatan yoo ta'u, qorannoon kun immoo gosa addaan baasuu dabalatee hiikafi hariiroo irrattis kan xiyyeeffatudha.

Kanaaf qorannoon kun dhimmoota armaan olii kanaan kanneen qorannoo sakatta'aman irraa adda ta'a.

# BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA

## 3.1 Adeemsa Qorannichaa

Mataduree kana jalatti mala qorannichaa waliin kanneen walqabatan kan akka madda odeeffannoo, iddattoo, mala odeeffannoon ittiin qaacceffamu, mala odeeffannoowwan ittiin funaanaman, adeemsa qorannoofi malummaa qaaccessaa of keessatti hammata.

Akkuma boqonnaa 1ffaa keessatti ibsametti xiyyeeffannoon qorannoo kanaa inni guddaan *Obomboleetti* keessatti qaacceessa mallee dubbiifi suureessuudha. Kanumarraa ka'uun, malleen dubbiifi sureessuu walaloo kana keessatti argaman kam fa'a akka ta'an addaan baasuun akkasumas hariiroo malleen dubbiif surreessuun qaban kaa'un,gahee malleen dubbiifi sureessuun walaloo keessatti qaban addaan baasuun qaacceessuudha. Dhimmoota akkanaa qorachuuf ammoo qorannoo akkamtaatti gargaaramuun barbaachisaa ta'a. Sababni isaas qorannoo dookumentii sakatta'uun walqabatu geggeessuuf qorannoo akkamtaatti dhimma baahameera.

Dastaa (2013:33) Marietejjiefi Marieta (2001) wabeeffachuun yoo ibsu, "*Qorannoo qulqullaa'inaa gaggeessuuf odeeffannoon kan funaannamu daawwannaa, afgaaffii, dookumentii sakatta"uufi meeshalee dhag-argee fayyadamuudha*" jechuun ibse.

Gosa qorannoo akkamtaa (Dastaan akka jedhuutti 'Qulquleeffataa') keessatti ragaaleen qorannoodhaaf funaanaman gabatee, giraafiifi kan biroon ibsamuu waan hindandeenyeef gosa qorannoo birootti gargaaramuun rakkisaa ta'uu nidanda'a. Kanaafuu, qorannoo gosa kanaatti gargaaramuun isaan kan biroorra filatamaa taasisa.

Kana ka'umsa godhachuun qorannoo kana keessatti mala qaacceessa qorannoo akkamtaatu dhimma itti bahame.Sababni isaas mata-dureen qorannoo kanaa walaloo *obomboleetti* keessatti qaaccessa malleen dubbiifi sureessuti.Innis akkamitti akka argamuu ibsuufi. Malli akkamtaammoo qabiyyee qorannoorratti ibsa kennuufi jechaan qaacceessuuf waan gargaaru dhimma itti bahun barbaachisaa ta'a. Akkasumas malli funaansa ragaalee sakatta'a dookumantiiti. Sababni isaas ragaaleen qorannoo kana gaggeessuuf gargaaran kitaaba walaloo *Obomboleetti* irraa kan funaanamanidha.

**3.2 Saxaxa Qorannichaa**

Kaayyoon qorannoo kanaa walaloo Obomboleetti keessatti malleen dubbiifi suuressuu qaaccessuudha. Kana gochuuf immoo mala qorannoo akkamtaatti dhimma bahame. Sababni isaas odeeffannoo qorannoo kanaaf guurame lakkoofsan osoo hin taane jechaan ibsuun kan qaaccessame waan ta'eefi.

Addunyaa (2011:11) yaada kana yoo ibsu, *Ciminni qorannoo akkamtaa gaaffiiwwan akkam? Maalif? jedhan kaasuun gadi fageenyan xiinxaluurratti humna waan qabuuf, amanuufi hubannoo babal'isuuf haala mijeessuusaati*. jedha. Kanuma ka'umsa godhachuun mala akkamtaa fayyadamuun qorannoon kun gaggeesamera.

Kayyoon qorannoo kanaa inni guddaan walaloo *Obomboleett*i keessatti malleen dubbiifi suuressuu qaacceessuudha. Kanumaarraa ka'uun, mala qorannoo akkamtaafi mala ibsaatti fayyadamuun qorannoon kun kan gaggeessame.

**3.3 Madda Ragaa**

Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaadha. Maddi ragaa tokkoffaa kunis kitaaba walaloo *Obomboleetti*ti. Sababni kanaas, qorannoon kun kan raawwatamu qaacceessa malleen dubbii fi sureessuu walaloo *Obomboleetti* keessatti argaman kanneen akka walaloowwaan *Diiggaa saaqoo, Obbo 'bbaa Caalii, Himee muldhistuu,Achiifi As,Ana ,Anaafi Ana* irratti kan hundaa'u waan ta'eefi.

**3.4 Mala Iddeessuu**

Qorannoo geggeessuuf iddattoo filachuun barbaachisaadha. Iddattoon qorannoo keessatti sadarkaa adda addaa qorannoo kessatti ilaaluu danda'a. Haala ka'uumsa qorannoo keessatti ibsameerratti hundaa'uun iddattoo akkayyoon hojiirra ooleera.

**3.5 Meeshaalee Funaansa Ragaalee**

Qorannoo kana keessatti karaan ragaaleen qoraannoo itti funaanaman karaa tokkooni. Kunis mala sakatta'a dookumentiiti yoo ta'u Kunis jalqaba kitaaba walaloo *Obomboleettii* keessatti gosoota malleen dubbii fi sureessuu argaman addaan baasuu, hariiroo malleendubbiifi surreesuun qabufi gahee walaloo keessatti qaban kan ilaaludha. Sababni isaas, qorannoon kun irraa caalaa

kaallattiin kan irratti xiyyeeffatu isa kana waan ta'eefi. Kanamalees, odeeffannoo funaanuuf malli funaansa ragaa qorattuun itti gargaaramte sakatta'a dookumeentiiti.

Haaluma kanaan dubbisni kitaabicha akka waliigalaatti ta'eera.Itti aanuun, walaloowwan kitaabicha ibsuufi bakka bu'uu danda'an jedhaman sakkatta'uun raawwatameera.Sakkatta'insa ta'eenis , walaloon *Obomboleettii* kan mataduree kitaabichaa ta'e dabalatee *Jedhe Diigaa Saaqoo,Obboo 'bbaa Caalii, Himeemuldhistuu, Du'a Guraacha, Achiifi Asii, Ana, Anaafi Ana* filamaniiru. Walaloowwan filaman keessaa immoo dabareedhaan hojiin maladubbii adda baasuu raawwatameera.Itti aansuunis kanneen suuressuu ilaalatan seeca'uun taasifameera. Dhumarrattis akaakuu isaanii irratti hundaa'uun matadureewwan ka'an haala agarsiisuu danda'aniin boqonnaa itti aanuu keessattii qaaccefamaniiru.

### 3.6 Malleen Qaacceessa Ragaalee

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu malleen qaacceessa ragaa niqaba.Malleen kunis mala akkamtaafi mala ammamtaati. Qoratittinis qorannoo mata dureen ishee qaaccessa malleen dubbii fi sureessuu walaloo *Obomboleetti* keessatti kan jedhudha. Qorannoo kana gaggeessuuf qoratittin mala akkamtaatti dhimma baate. Sababnisaas ragaaleen funaanaman malleen dubbii fi sureessuu walaloo kanaa jechaan ibsa kennuun qaacceeffame. Mala qaaccessa ragaalee jechuun, ragaalee funaannaman sanarratti hundaa'uun kan argannoon qorannoo itti mirkanaa'udha. Qorannoon kun xiinxala hafee (text)irratti hundaa'un qaaccefame.

### 3.7 Maalummaa Qaacceessa

Qaacceessuu jechuun qorannoo gadifageenyaan waan tokko irratti taasifamu ykn waan walii galaa tokko unka xixxiiqqaatti caccaabsuun ilaaludha. "*Analsis is detaile examination of the elements or structure of something and separation of awhole into its component parts*" (David,1975).

Yaada kanarra akka hubanuutti barreeffama tokko unka xixxiiqqaatti caccabsuun gadii fageenyaan qorachuun akka danda'amu hubanna.Ogummaa barreeffamaa keessaa walaloon tokko. Walaloon yeroo qaacceefamu waan lama irratti bu'ureffachuun qaacceffama. Innis caasaa waliigalaa walalichi qabuufi qaamolee xixxiiqqaa irraa ijaarame qaacceessudha.

Yaada kana (Summer, 1975) *The analysis of poetry always highly recommendable to analyse the poem's general structure and then subdivisions in the poem.*jechuun ibsa

Gama biraan, Adeemsa garagaraatti fayyadamuun walaloo qaacceessuun ni danda'ama.Kanneen keessaa mataduree ilaaluun,jechoota ijoo walalichaatti dhimma bahuun,dhuma walalichaa dubbisuun,kutaa walalichaa adda baasuunfi toonii walalichi ittin dubbifamu irratti hundaa'uu fa'adha.

Yaada kana (William,1946) *The process of analyzing poem to help us identify the way in which poetry makes its meaning.Those are look at the title,read the poem for the major indicator,read the ending of the poem,divide the poem into parts and pay attention to the tone of the poem.* Jechuun ibsa

Kanaan walqabatee,Caaculeen qaacceessa ogummaa barreeffamaa tokkoo ittin qaacceeffamu nutti akeeka.Caaculeen qaacceessuu kun kanneen walaloonis ittin qaacceeffamuu danda'udha. Sababni isaas walaloon qaama ogummaa barreeffaamaa waan ta'eefi.Qaamni walaloo qaacceeffamuu danda'uu kun immoo akaakuu,unka,Haala walalichi ittin dubbifamu,caasaa walalicha,yoomessa walaloo,itti fayyadama afaanii,ilaalcha addunyaafi walalichi waliin qabu fa'a.

Yaada kana.(William ,1946) *Elements of analysis are the gener,or form of the poem,the voice of the poem,the structure of the poem, the setting of poem,the use of language and t world-view and the ideology of the poem.*jechuun ibsa

Walumaa galatti akaakuu, uunka, caasaa, yoomessa, itti fayyadama afaanii,hariiroo fi ergaa walaloo qaacceessuun akka danda'amu yaada armaan oliirraa hubachuun ni danda'ama.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAA

Boqonnaa kana jalatti yaadni walaloo *Obomboleetti* gabaabbinaan dhiyaatera.Akkasumas gosoota malleen dubbiifi sureessuu ,hariiroo malleen dubiifi sureessuufi gahee malleen dubbiifi sureessuun kitaaba kana keessatti qaban fakkeenya waliin qaacceffamaniiru. Isaanis akka armaan gaditti bal'inaan ibsamaniiru.


## 4.1Obomboleettii

Kitaabni amma qorannoon kun irratti gaggeeffame kuusaa walalootaa kitaaba *Obomboleettii* jedhuu yoo ta'u ; Kan barreesse waloo Zalaalam Abarraa Tasfaati. Waloon kun yeroo garagaraa keessatti walaloota sagaleen walaleessee siidiidhaan dhiyeessaa ture.Yeroo amma immoo kitaabaan maxxansiise jira.

Kitaabni kun walaloota sagaleen dhiyaatanii turan wajjiin walaloota adda addaa qabatee dhiyaattee jira. Kana keessaa kanneen barreessaan afaan biyya ormaa irraa gara Afaan Oromootti jijjiireefi kanneen ofii barreesse keessa immoo afaan Amaaraattii kan jijjiire of keessaa qaba. Akkasumas kanneen hin jijjiiramne kan jalqabumarraa kaasee Afaan Oromoon barreeffamaniis keessatti argamu.

Walaloonni kitaaba kana keessatti argaman afoola waliin kanneen hariiroo guddaa qaban fakkaatu. Kana jechuun afseenaan, mammaaksoonni,jechamoonnifi hibboowwan walaloo kana keessatti dhimmi itti Bahaman akka jiran walalicha keessaa wanta mul'atudha.

Akka waliigalaatti kitaabichi walaloota 56 ,kan hiikaman 19 qaba. Barrii maxxansa kitaabicha 2017 iddoon maxxansa kitaabichaa Korsholm, Vasa/Finland yoo ta'u walaloowwan haammateen ala seensa, dubbiiduree yaada namootaa qaba.Walaloota Obomboleettin haammatte keessaa xiyyeeffannoo qorannoo kanaa kan ta'e walaloo kitaabichii ittin mogga'e *Obomboleettii* dabalatee, *Jedhe*e *Diigga Saaqoo, Du'a Gurraacha, Asifi Achi,Himee mul'istuu,Ana ,Anaafi Ana, Obboo Abbaa Caalii* dha.




Fakkii 1. Kitaaba *Obomboleettii* golgaa fuulduraafi duubaa

#### 4..1.1 Yaada walaloowwan qorannoon kun irratti adeemsifame gabaabinaan

**Jedhe Diiggaa Saaqoo:**Walaloon *Jedhe Diiggaa Saaqoo* jedhu xiiqii waliin walqabata.Namni Diiggaa jedhamu mootii naannoo tokkoo ture. Daangaa isaa fi daangaa mootii biraa gidduu horri xiqqoo tokko jirti.Horrii kun immoo daangaa Diiggaa keessa haa ooluyyu malee mootiwwaan lamaan gidduutti walitti bu'insaa guddaa irraa deddeebiin uumeera.Walitti bu'insa kana furuuf maanguddoon dhimmicha qabatanii turan. Haata'u malee matta'aa mootii mormaa Diiggaa ta'eerra fudhachuun nama dursee horatti qaleef ykn dhiiga horratti cobseef murteessuuf yaadan.Akkuma yaadaan matta'aa mootii sanirraa waan fudhataniif mootiin sun akka korma fidu itti himuun Diiggaa immoo dhoksan. Gaaf murtiis akka nama dursee horatti qaleef ykn dhiiga cobseef akka hora muran himuun mootii lameenuu akka isaan korma dhiheessan gaafatan. Diiggaan odeeffannoo kana gurraa waan hin qabneef xiiqiin horatti of qalee gosa isaaf hora hambise.

**Obboo Abbaa Caalii**:Walaloon *Obboo Abbaa Caalii* walaloo *Malli Maalii?* Jedhu irraa kan itti fufedha.Walaloon kun immoo waa'ee qotee bulaan ykn Obbo Abbaa Caalii dhiibbaa gama hawaasummaan, siiyaasaa fi diinagdeen irra gahe irraa ka'uun ‘*'Koo Malli Maali*?’’jedhee ilma isaa Caalii gaafate kan ilaaluudha.

Walaloon *Obboo Abbaa Caalii* immoo gaaffii Abbaansaa Caalii gaafate saniif gorsa ykn yaada furmaata ta'a jedhee kennuu irratti kan xiyyeefate fakkaata. Obbo Abbaa Caaliin ilmaan lama qaba.Inni tokko amala qabeessa yoo ta'u inni lammataa immoo hamaadha.Kanarraa ka'uun

waloon kun akka Obbo Abbaa Caaliin ilmasaanii isa hamaa kana akka abaaran kakaasa.Haata'u malee immoo abaarsii waan hamaa malee gaarii hin dabaluu yaada jedhuurraa ka'uun akka hin abaarre gaafata.Akkasumaas walii galtee dhabuun ilmaan Obboo Abbaa Caalii rakkoo abbaasaani akka hammeesses ni hima.

**Du'a Gurraacha**:Walaloon *Du'a Gurraacha* jedhu xiyyeeffannoon isaa biyyoota kanneen akka Ameerikaa fi Awuropaa keessatti argaman yeroo amma qarooman jedhaman osoo sadarkaa qaroomina kanaa irra hin gahiin beekumsa dhabuurra kan ka'ee hangam akka dhukkuubaan akka miidhamaa turan kan mul'isuudha.Kanarraas kan hubatamu hawaasni kamuu sadarkaa qaroominaarraa gahuusaatiin dura rakkoo walxaxaafi rakkisaa keessa darbee dhufusaafi, yoo kutannoon rakkoo hawaasaa furuuf hojeetamee garuu rakkoo walxaxxaa hawaasaa kana furuun akka danda'amu ni hubachiisa.

**Asifi Achi**:walaloon *Asiifi Achi* jedhuu kun garaagarummaa haala qilleensaa fi addaa hawaasa garagaraa gidduu jiru kan ibsuu yoo ta'u aadaan kunis gonkumaa kan walii faallaa ta'e, garummoo hawaasa san keessatti kabajame kan jiruudha. Akkasumas wanti hawaasa tokko biratti akka waan gaariitti ilaalamuu hawaasa biro keessattimmoo jibba olaanaan kan kaa'amu ta'usaa agarsiisa.Walumaagalatti Walaloon kun aadaa hawaasa garagaraa walbira qabee dhiyyeessa.

**Himee mul'istuu**:Walaloon kun abbaan manaa jaalala haadha manaasaaf qabu fi jiruufi jireenya keessatti waan waliin dabarsee kan ittiin ibseedha.Haati manaa obsiituu, daddamaqsiituu, jaalatamtuu akka taateefi jiruusaa, miiraaf qalbiisaa akka to'atte kan ittiin ibsedha.Akkasumas jaalala olaanaa isheef qabuus kanittin ibseedha.

**Ana,Anaafi Ana**:walaloon kun namni tokko yaada lamatti hiramuun yeroo inni of mormu kan agarsiisudha.Namni kun xinsammuu lama gidduu seenee yaada tokkotti goruuf yemmuu rakkatu, tokko qabee tokko yoo dhiisu, gaabbee yemmuu itti deebi'u argina.Walumaagalatti namni kun yaada tokko qabachuu dadhabee yeroo burjaaja'u kan mul'isudha.

**Obomboleettii:**Walaloon kun mataduree kitaaba walaloo kun ittin mogga'edha.Walaloon kun humna jechaa ibsa. Jechi waan hunda ta'u,diiguufi ijaaruu akka danda'u kaa'a.Jechi oolaantummaa miira, yaadaafi jiruu namaarratti qabu kan keessatti ibsameedha.

Sababni walaloon kunneen qorattun ittiin filattef,akka dhuunfaatti waannan jaaladheefi gama biroon immoo namoota akka *Diiggaa Saaqoo* gootoota fakkeenya dhalootaa ta'an yaadachiisuufi walaloon kan akka *Obboo Abbaa Caalii* immoo haala qabatamaa Ummanni Oromoo keessa jiru ni ibsa jedhee waannan amaneef xiyyeeffannoo koo argateera.Akkasumas walaloo dhugaa ummataa ibsuurra hundaa'edha jedhee waannan amanuuf akkan walaloowwan kunneen walaloota hafaniirraa adda baasee filadhu na taasiisera.

Ergaan walaloota kana keessatti dabarsuun barbaadame rakkoo, Roorroo fi hiraarsa uummata oromoo irra gahaa ture, dhibbaa addaa , amantii fi seenaa oromoorra ture fi jiru. Hariiroo aadaa addunyaa fi saba oromoo, dhimmoota guyyu guyyu nama akka dhufaattif saba muudatanifi dhimmoota hawaasaa hedduu kaaseera.(Guutuu Olaanaa,2017)

Walumaa galatti kitaabni walaloo *Obomboleetti* fuula dhiibba lamaaf jahaatamii sagal kan qabu yoo ta'u, walaloota soddomii sagaliis ofkeessatti haammatee argama. Walaloota kanneen keessaa kudha sagal kan afaan biraa irraa hikamani.

## 4.2 Qaaccessa Malleen Dubbii

### 4.2.1 Naamessuu

Naamessuun amala dhala namaa, lubbu qabeessaa yookaan lubbu maleessa biroof kennuun dandeettii dhala namaa gonfachiisuun mala ibsuudha.Haaluma kanaan walaloo *Obomboleettii* keessatti malli dubbii naamessuu fakkeenyota armaan gadiin dhihaatee jira.

Fkn. 1 …………………………….

*Jecha jecha waaqaa*
*Kan cufameen saaqa*
*Daangaa cabseen dhaqa*
*Walabaan burraaqa*
*Duudatu naa dubbata*
*Jaamaatu na hubata*
*Yeellalaan jabeessa*
*Kan du'en fayyisa*
………….………..*(fuula 1.)*

Afeen kun walaloo *Obomboleettii*isa jedhu keessaa kan fudhatame yoo ta'u, yaada walaloo kanaa keessatti jechi amala namaa gonfachuun namoomsamee dhiyaateera. Isaaniis kanneen akka: saaqaa, cabseen dhaqa, burraaqa, naa dubbata, na hubata, jabeessa fi kkf kan jedhan amala

ilma namaa qabu kan argisiisudha. Amala saaquu, cabsuu, burraaquu, dubbachuu, hubachuu fi jabeessuu kan qabu ilma namaati. Amala kanammoo waloon jechaaf kennee argina.Kana jechuun jechi amala namaa gonfatee dhiyaateera jechuudha.

Fkn.2. ………………………………………….

*An Obomboleettiidha, lakkuu Obombolleessaa*
*Sammuu keesattan irbama kaachiisa*
*Yennaan akkas godhu eeyyama siinkadhu*
*Fedhiifi hawwiikee kanaaf kanan baadhu*
*Bubbee, Obomboleettii, kan nama bittinsu*
*Hamaa akka Gaangee, yaabee sii saggarsu*
*……………………………………… (fuula 2)*

Afeen kunis walaloo *Obomboleettii*isa jedhukeessaa kan fudhatamedha. Wantoonni amala namumma gonfatanii walaloo kana keessatti dhiyaatan nijiru. Isaanis kanneen akka 'Ani lakku', 'si hin kadhu', 'yaabee sii saggarsuu' kanneen jedhanidha.Yaadonni kun yaada namummaa, 'Ani…' ofii jedhu kan qaban, lakkuu kan qaban, amala yaabee saggarsuu kan qabanidha.walumaagalatti amala namaa qabu jechuun nidanda'ama.Waloonisamala namaa kana obomboleettiif kenne mala dubbii nameessuutti dhimma baheera jechuudha.

Fkn.3 …………..…………………………………….

*Afaan Uumaa bayeen, Uumaadhaan akkeessa*
*Nan tolch, nan diiga, facaaseen magarsa*
*Fedhe nan hadheessa, fedhe nan mi'eessa*
*Fedhe nan ajjeesa, fedhe nan urgeessa*
*………………………………………..(fuula 3)*

Afeen armaan olii kunis walaloo *Obomboleettii*isa jedhurraa kan waraabamedha. Walaloo kana keessattis amala akkeessuu, tolchuu, diiguu, facaasuu, hadheessuu, mi'eessuu, ajeessuu fi urgeessuu kan qabu ilma namaa waan ta'eef amala kana immoo jechi gonfatee yemmuu dhiyaatu argina.Kanaaf jechi amala namummaa waan ufatee dhiyaatef nameefameera jechuudha.Kana jechuun waloon mala dubbii nameessatti dhimma baheera jechuudha.

Fkn.4 ……………………………..

*Abbaa caalii, hangafa namaa*
*Gadadoonkee natti falma*
*Gindii nii murta, waanjoo ni urta*

*Abbaa caalii*

*Ni raftamoo na dhageessa?*

*Addunyaan kun sitti afarsaa*

*Siif weeddisaa! Si uruursa!*

*Si saadaa, si jabeessa*

*Si laashessee, si laaffisa*

*Kofalchiisee, si boossisa*

*Suukana kee baddaa baasee gadi buusa*

*Takka turee afaan bane si liqimsa!*

*……………………………….(fuula 159)*

Afeen kun ammo walaloo *Obboo 'bbaa Caalii* isa jedhurraa kan fudatamedha. Yaada kana keessa jechi 'Falma' jedhu jira.Falmuun immoo amala namummaati.Haa ta'u malee gadadoof kennamee argina. Gama biraan ammo jechoonni 'afarsa', 'weeddisa', 'uruursa', 'saadaa', 'jabeessa'fi 'boossisa', kan jedhan amala dhala namaa ta'anii osoo jiranii Addunyaaf (waan ijaan hin argamne) kennamanii argamu. Addunyaan Abbaa caaliitiin akkas gochuuf akka jiru fi kana dura akkam gochaa akka ture ibsuuf waloon Addunyaaf amala namaa kennuun itti fayyadameera.

Fkn.5 ………………………………….

*Yemmuu nama qabee lafaan nama dhahu*

*Ayyaana abbaaf haadhaa waaman hin dhagahu*

*Tokkorraa isa kaanitti maaliin akka darbu*

*Akkaataa deemsasaa beekaan quba hin qabu*

*………………………………….. (fuula185)*

Afeen kun walaloo *Du'a Gurracha*isa jedhurraa fudhatame. Amala namni qabu 'Dhukkubaaf' kennamuun mala dubbii nameessuu hojiirra ooleera. Jechoonni (gaaleewwan) amala namaa mullisuuf waloon itti fayyadames 'lafaan dahuu', 'dhagahuu' fi 'deemuu' kan jedhan yoo ta'an amala kanas dhukkubni goonfatee miila kan qabuufi deemuu kan danda'uu, kan dhagahuu taasifamee dhiyaachuun amala namaa gonfateera.Kana jechuun mala dubbii nameessaattiidhimma bahameera jechuudha.

Fkn. 6 ……………………………………

*Kaniif kotteen kaata, kaniif koochoo qaba*
*Muummee namaan lixa, tulluu namaan yaaba*
*Mormafaa dhiitessee, micciireetu sarba*
*Ciriqii hudheetu, Liqimsituu fi Somba*
*Afuura booji'ee, humna nama sarda!*
*……………………………………………(fuula 185)*

Afeen kunis walaloo *Du'a Gurraacha*isa jedhurraa kan fudhatame yoo ta'u,Waloon amala dhalli namaa qabu 'Dhukkubaaf' kennuun mala dubbii nameessuutti yeroo dhimma bahu argina. Jechoonni amaloonni kun ittiin ibsamaniis 'kaachuu', ' sarbaamicciiruu', fi ' liqimsituu hudhuu' kan jedhanidha. Amaloonni kunis dhukkubaaf kennamuun dhiyaachuun isaani dubbisaan haala salphaan malli dubbii nameessuutti dhimma bahamuusaa hubanna.

Fkn.7. *…………………………..*

*Yoo itti dhibaafanne,*
*Yoo itti facaafanne*
*Kaleessi ni gabbata*
*Qaamaan ni mullata!*
*…………………………. (fuula 198)*

Afeen kun walaloo *Anaaf Ana* isa jedhu keessaa kan fudhatamedha. Walalicha keessatti amalli dhalli namaa qabu 'gabbachuu'n Kaleessaaf kan kennamee yoo ta'u kaleessiis amala namaa kana fudhachuun dhiyaachusaa argina.Kana jechuun waloon malleen dubbii kessaa nameessatti dhimma bahuusaa hubananna.

### 4.2.2 Akkasaa

Akkasaan jecha akkaa fi fakkaata jedhanitti dhimma bahuun wantoota lama wal- cinaa qabuun isa tokko isa biraatiin kan ilaaludha. Kanumarraa ka'uun walaloo kana keessatti haala kamiin akka jiru qaaccessa isaa waliin akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Fkn. 8. …………………………….

*Guddaa ilmaa, akka Baatuu*
*Akka Walal kan muldhatu*
*Boonaa ilmaa akka Cilaaloo*
*Guboo cimeessa akka Walloo*
*Bookkisaa akka Afran qalloo*
*…………………………….(fuula 159)*

Afeen armaan olii kun walaloo *'Obboo 'bbaa caalii'* isa jedhu keessaa kan fudhatamedha. Walaloo asiin olii kana keessatti waantoonni wal dorgoman ykn wal bira qabaman ni jiru. Kunis jecha 'akka' jedhutti tajaajilamuun waldorgoomsiisuufi walbira qabuun dhiyaateera. Isaanis gaalewwan walaliicha keessatti ka'an keessaa kanneen akka 'akka waloo', 'akka Afran qalloo', 'akka Baatuu', 'akka Walal' fi 'akka cilaaloo' jedhanidha. Cimina, guddina fi gootummaa ilmaan oromoo qaban gaarreen oromiyaa waliin walbira qabee agarsiisa. Gama biraatiin cimina oromoon qabu gosootasaa waliin wal bira qabee ibsuun agarsiisa. Kanarraa ka'uun, waloon kunis dhimmoota kana wal dorgomsiisuun malleen dubbii keessaa mala dubbii akkasaatti tajaajilamuusaa hubachuun waan nama rakkisu miti.

Fkn 9. ……………………………………

*Sammuunkee ichima, akka ibiddi bu'uu*
*Miirakee ho'isa, booreen kee akka ho'u*
*………………………………………….(fuula 121)*

Afeen kunis walaloo *'Obomboleettii'* isa jedhurraa kan waraabamedha. Walaloo armaan olii kana keessatti yemmuu sammuun dhala namaa ibidda waliin wal- bira qabamuun dhiyaatu argina.Humnii fi ciminni sammuun qabu, cimina ibiddi qabu waliin akka wal bira qabameera.Akkasumas ho'inni ibiddi qaama namaarratti uumufi sammuun miira namaa ho'isu waliin dorgomsiisee dhiheesse. Kanaafuu, waantoota kana lameen wal madaalsisuun kan ibsuuf kan tajaajilummoo mala dubbii akkasaati.

Fkn 10. *……………………………..*

*Gurra keessa si kabalu*
*Hudduu keessas si waxalu*
*Akka Harree si sakaala*
*……………………………..(fuula 160)*

Afeen kun walaloo 'Obboo 'bbaa caalii' isa jedhu jalaa kan waraabamedha. Yaada walaloo armaan olii kana keessaa kan hubannu jechi 'akka' jedhu dhala namaafi harree walbira qabuuf fayyadusaati.Jechi kun waantoota lama osoo wal madaalsisuu qofa osoo hin taane waldorgomsiisuufis tajaajileera. Dabalataan Jechi kun gaheen inni qabu; waantota lama walbira qabuun dorgomsiiuudha. Kunis gaalee 'akka Harree si sakaalu' jedhuun ibsameera. Dhala namaa abbaan barbaade qabee akka isa daangessu fi sakaalu haala harreen itti sakaalamtu waliin walbira qabee ibsa.Walumaa galatti dhala namaa harree waliin wal bira qabee ibseera. Kanaaf waloon mala dubbii akkasaatti dhimma bahusaa nu hubachiisa.

Fkn 11. *……………………………………*

*Jaarsi dubbii kana madaalu*
*Beekaa guddaaa akka qaalluu*
*Shanee jaarsaa, warra alangaa*
*Silaa dhuga fagiitti arga!*
*………………………………….(fuula 155)*

Afeen armaan olii mata-duree '*Diiggaa Saaqoo'* isa jedhu keessaa kan fudhatamedha. Barreessaan walaloo kanaa waantota lama wal dorgomsiisuun ibseera.Innis Jaarsaafi Qaalluu dha. Kana jechuun Jaarsi dubbii madaalu sun akkuma jaarsolii biro osoo hin taane beekaa fi guddaa akka ta'e kan ibsudha. Akkasumas qaalluu waliin kan wal fakkaatu ta'uusaa ibsa. Akka walaloo kanaatti gulantaan jaarsa ta'uu umurii qofa waliin waan walqabuuf beekaa qabaachuus dhiisuus ni danda'a.Haata'u malee gulantaan qaalluu ta'uu beekuudha. Kana jechuun jaarsii beekaan qaalluudha jechuudha. Walooniis jaarsa qaalluu waliin waldorgomsiisee dhiiyeesera.Kanaafuu walaloo kana keessa malli dubbii akkasaan jiraachuusaa akka salphaattii hubachuun ni danda'ama.

Fkn 12. *………………………………….*

*Akka Hantuutaa, akka Mixii*
*Takkaa lafa, takkaa Qooxii*
*Boolla qotii, boolla lixi*
*Nama hin taatu, silaa doofa*
*Akka Jawwee, akka Bofaa*

*Garaan ciisii, garaan loyi, akka lootuu*
*Gooftaan maccaa, baallee ijakee siyaadhowwatu!*
*……………………………………………(fuula161.)*

Afeen armaan olii kun walaloo *'obboo 'bbaa caalii'* isa jedhu jalaa waraabame. Yaada walaloo armaan olii kana keessatti akkasaan iddoo addaa addaatti galeera. Kanas kan nuuf mirkaneessu akkuma duras ibsame jechi 'akka' jedhu irra deddeebiin dhimma itti bahameet jira. Kanaanis waantotni lama walbira qabamanii dorgomsiifamaniiru. Walalicha keessatti 'akka Hantuutaa, akka Mixii, akka Jawwee, akka Bofaa, akka Lootuu' jechuun dhala namaa bineensoota waliin dorgomsiisuun dhiyeeseera.

Haaluma kanaan 'akka Hantuutaa' yeroo jedhu namni sun akka hantuutaa iddoo tokko kan hin teenye, kan tasgabbii hin qabne ta'uusaa hubanna. Kanaaf nama amala akka hantuutaa qabu muraasa fudhachuun yemmuu inni wal bira qabee dhiyessu salphaatti hubatama. Gama biroon ammo 'akka Jawwee, fi akka Bofaa' yemmuu jedhu kan miila hin qabneefi kan hin jaallatamne ta'uusaa ibsuuf Jawwee fi Bofa waliin wal bira qabee kaa'a. Kanaafuu walaloo kana keessatti malleen dubbii keessa akkasaan ballinaan kan muldhatu ta'uusaa hubachuun nama hin rakkisu.

Fkn 13.

*… ………………………………………*
*Butamaan namichaa yoo ta'e cinaakee*
*Yoo caraanee kolfe, akka harree alaakee*
*Hin alaakuuf malee…*
*Gaggaba qasa'ee, yoo haasa'e cookee*
*……………………………………(fuula 182)*

Afeen armaan olii kun walaloo '*Achii fi Asii*' isa jedhurraa kan waraabamedha. Walaloo kana keessatti malleen dubbii keessaa akkasaa arguun ni danda'ama. Sababni isaas jechi 'akka' jedhu Harree alaakee fi namicha kolfe walbira qabee agarsiisa. Kana jechuun haalli kolfa namicha alaaka harree waliin kan wal fakkaatu ta'uusaa ibsuuf waloon mala dubbii akkasaatti gargaaramuusaaa bira gahameera. Kanaaf kolfa dhala namaafi alaaka harree waldogomsiisuun dhiyeessuuf mala dubbii akkasaatti gargaarameera.

### 4.2.3 Iddeessuu

Iddeessuun waan tokko waan birootiin bakka buusnee ibsuudha.Walaloo keessatti, iddeessuun mala dubbii bu'uura yaadonni garaa garaa ittin dhiyaatanidha. Wal madaalchisuun iddeessuu keessatti fuulleefi fuulleetti kan hin mullanne haa ta'u malee, ni jira. Moggaasuma maqaarraa akka hubatamutti iddeessuun amala waan tokko qabu kan biraatiin iddoo buusuun ibsuudha. Mala dubbii kanaa waliin wal qabatee walaloo *Obomboleettii* keessatti haala armaan gadiinqaaccefamee dhiyaateera.

Fkn.14 ………………………………………….

*An Obomboleessa, Ergamaa haadha Margoo*
*Barii nan dulloomsa yoomiyyu dargaggoo*
*Ani Obomboleettiidha, Ilmoo ho'aaf cabbii*
*Si'eessituu qaamaa, rifaasistuu qalbii!*
………………………………………….*(fuula 2)*

Afeen kun walaloo *Obomboleettii*isa jedhu keessaa kan waraabamedha. Kana keessatti humna jechaahumna obombooleetti iddoo buusee kaa'ee jira.Kana jechuun Obomboleettiin bakka jechaa, jechiis iddoo obomboleetti bu'uun dhiyaataniiru.Kunis amala murtaa'aa waliin qaban ykn itti walfakkaatan irratti qofa.Ammaaf amallii isaan waliin qoddatan kunis human isa jedhudha.

Gaaleen 'An Obomboleettiidha' jedhu jechi gutummaan obomboleettin iddoo of busee kan itti dhiyaateef fakkeenya isa ta'udha.Walumaa galatti waloon obomboleetti gutumaan gututti jechaan iddoo busuun mala dubbii iddeessatti dhimma baheera.

Fkn.15. .........................

*Kee baqsaan galaana*
*Koo dubbiin faldhaana*
*Kee egereen qabbana*
*Koo egereen dukkana*
………………………….*(fuula 156)*

Afeen kun walaloo *Diggaa Saaqoo*isa jedhurraa kan fudhatamedha. Yaada walalichaa keessatti Diggaa Saaqoo roorroo isarra gahe irraa ka'uun waan dubbate argina. 'Kee baqsaan galaana' jedhee, dhadhaa baqsaa bishaan kuufameen (galaanaan) iddoo buusee ibseera.Kana jechuun garuu baqsaan dhadhaa sanii baay'ee ta'usaa hubachisuufi.Bo'oo itti aanu keessatti ammoo 'dubbii' waan ijaan hin mullanne waan mul'achuu danda'uun (faldhaana) iddoo buusee bakka buusee dhiyeesseera.Karaa biraatiin immoo, egeree ykn fuulduree isaa immoo dukkana fi

qabbanaan bakka buusuun dhimma itti baheera.Kana jechuun, Iddeessi waan mul'atu kan hin mullannen, cimaa laafaan, hedduu xiqqoon, bakka buusuun kan dhiyeessudha. Kanumarraa ka'uun waloon mala dubbii kanatti dhimma bahuusaa kanarraa kan hubatamu ta'a.

Fkn.16. *………………………….*
*Abbaa caalii, yaa Gaachanaa*
*Dadhabbiikee bara sanaa*
*An ammayyu nan argana!*
*………………………….(fuula 158)*

Afeen kun ammo walalloo *Obboo 'bbaa Caalii*isa jedhurraa kan waraabamedha. Gaachanni aadaa Orommofi saboota biroo aadaa Oromoo waliin walitti siiqu qaban biratti faayidaa guddaa qaba.Oromoon gaafa waraana dhaqu qabatee deemee diina ittiin ofirraa ittisa.Dawoo godhatee waraana injifatee lubbusaatiin nagaan gala.

Walaloo kana keessatti qotee bulaa Oromoo, Obboo, Abbaa Caalii jedhamu kana bakka gaachanaa buusuun, '… Abbaa Caalii, yaa Gaachanaa,' jechuun waloon dhiyeeseera.Kana jechuun qotebulaan oromoo dawoo yeroo rakkoo jalatti baqatanfi simboo oromoo ta'uusaa nu hubachiisa.Kanarraa ka'uun malli dubbii Iddeessuu walaloo kana keessatti hojiira ooluusaa argina.

Fkn.17 *……………………………………*
*Hora dubbii, hora lolaa, lola guddaa*
*Bara baraan biyya goola, saba sarda*
*Mootiin lameen garaaf dugda*
*Diina ta'ee, waliin ooda!*
*……………….....................(fuula 152)*

Afeen kun walaloo *Diggaa Saaqoo* irraa kan fudhatamedha. Walaloo kana keessatti bo'oon sadaffaa afee kanaa mootiin yookaan bulchaan naannoo tokkoo kutaa qaama namaa garaa fi dugda jedhamanii bakka bu'uun yemmuu dhuyaatan argina.Kana jechuun immoo mootiiwwaan lameen waliif galuu dhabuun isaanii qaamoota namaa kalattiin walirraa garagalan karaa tokkorra hin deemne akkuma san waligaltee dhabuu mootiwwan lameeni qaamoota dhala namaan iddoo buusee dhiyeeseera.Kana jechuun waloon walaloo kana keessatti mala dubbii iddeessatti dhimma bahuusaa nu hubachiisa.

Fkn.18 *…………………………………..*

*Asii*
*Bishaan miti, jirbiitu gad harca'a*
*Suuta jedhes, lafa gahee dhagaa ta'a*
*Yoo muran, Qottoo cabsa*
*Yoo qotan, maarashaa dabsa!*
*............................................... (fuula 172)*

Afeeen kun ammo walaloo *Achii fi Asii* isajedhurraa kan fudhatamedha. As keessatti bishaan iddoo dhagaa bu'ee dhiyaateera.Bishaan uumamaan dhangala'aadha. Dhagaan immoo wanta jajjabaadha.Haata'u malee amala murtaa'aa bishaan yeroo cabbiitti jjjiiramu amala jajjabaachuu qaburraa ka'uun iddoo dhagaa bu'ee akka dhiyaatu taasiifameera.Kana jechuun wantoonni waliif faalla ta'an lameenkun amala muraasa waliin qoddatan irraa ka'uun bakka wal bu'anii argamu. Kanumarraa ka'uun waloon malleen dubbii keessaa mala dubbii iddeessaatti dhimma bahuusaa hubachuun ni danda'ama.

Fkn.19. *…………………………..*

*Hoomaa hin aguuggatu*
*Nagaas sin gaafatu*
*Namnisaa baabura,*
*Inni sirraa hin goru, situ isarraa gora!*
*………………………………(fuula 173)*

Afeeen kun ammo walaloo *Achii fi Asii*isa jedhurraa kan fudhatamedha. Walaloo armaan olii keessaa sarara sadaffaa irratti 'Namnisaa Baabura' jedha.Asiitti dhala namaa akaakuu geejjiibaa keessaa tokko kan ta'e baaburaan iddoo buusuun dhiheesseera.Kana ta'ee osoo jiruu namnii fi Baaburri karaa hedduun waliif faallaadha.Haata'u malee akkuma baabuurrisarara isaa eeggatee deemu, yoo namni sararasaarra dhufu miidhaa irraan geesiisuu danda'u;Namoonnii walaloo keessaatti eeramaniis akkuma baaburaa kallattisaaniirra saffiisaan kan deemaniifi kan nama jalaa hin gorre ta'uusaanii amala muraasa isaan walfakkeessu irratti hudaa'uun wal bakka bufamuun dhiyaataniiru.Kana jechuun waloon mala dubbii iddeessatti dhimma bahuusaa afee armaan oliirraanihubatama.

**4.2.4 Arbeessuu**

Arbeessuun mala dubbii amala waanti tokko qabu garmalee olkaasuun ykn gadi buusuun ibsuuf kan gargaarudha. Qaaccessa amala dubbii kana akka armaan gadiitti haa ilaallu:

Fkn 20. ……………………………………………………….
*Ani humna hin muldhanne, human tulluu raasu*
*An humna hin qabamne, kan sibiila dabsu*
…………………………………………… *(fuula 2)*

Afeen armaan olii kun walaloo *'obombeleettii'* isa jedhurraa fudhatame. Gaaleen 'humna tulluu raasu'fi 'kan sibiila dabsu' jedhuutu jira. Gaalee 'humna tulluu raasu' jedhu yoo ilaallu, waa'ee humna waan tokkoo yeroo ibsa.Haata'u malee humni tokko hanga fedhe dandeettii wantoora sochoosuu yoo qabaatee illee humni tulluu raasu hinjiru.kanaaf humni kun garmalee olkaafamee ibsameetu jira jechuudha.Kanumaan walqabatee gaaleen biraa 'kan sibiila dabsu' jedhus humna armaan olii kun cimaa olaanaa ta'usaa ibsuufis akka dabalataatti kan dhimmi itti bahameedha.Walumaagalatti jabina humnaa argisiisuuf malee tulluun waan raafamu ta,ee miti. Kanaaf yaanni kun garmalee ol waan kaafameef maladubbii arbeessattii dhimmi bahamuusaa hubachuun ni danda'ama..

Kana jechuun Amala waan ibsamu tokkoo ol kaasuun ykn gad buusuun xiqqeessuun dhiheessuun arbeessuu jedhama. Walaloo kana keessatti bal'inaan kan mul'atanidha.

Fkn.21. …………………………..
*Kee baqsaan galaana*
*Koo dubbiin faldhaana*
………………………………..*(fuula 156.)*

Afeen armaan olii kun walaloo '*Diggaa Saaqoo'* isa jedhuurraa kan waraabamedha. Baay'ina dhadhaa baqsaa olaanaa ta'uusaa ibsuuf gaalee 'kee baqsaan galaana' jedhuutti waloon dhimma baheera.Kana keessatti yaadni kun galmalee olkaafamee kaa'ameet jira. Sababni isaas baqsaan hanguma fedhe osoo baay'atee hanga galaanaa gahuu akka hin dandeenyee beekamaadha.Haata'u malee baqsaa hanga galaanaan gahuun garmalee ol kaafamee ibsameera. Waan tokko garmalee ol guddisanii ibsuun amala mala dubbii arbeessaati. Kanumarraa ka'uun malli dubbii arbeessuu walaloo kana keessatti dhimma bahamuusaa hubachuun ni danda'ama.

*Fkn. 22 ……………………………………*

*Gurra buustee afaan bantee dhaggeeffatta*
*Moo … waa malatta*
*………………………………………(fuula 160.)*

Afeen kun walaloo '*Obboo 'bbaa caalii'* isa jedhurraa kan fudhatamedha. Walalicharratti gaaleen 'afaan bantee dhaggeeffatta' jedhu yoo ilaalamu. Namni tokko xiyyeeffannoo hagamii kennee waan tokko akka dhaggeefataa jiruu ibsuuf kan dhimmi itti bahameedha. Haa ta'u malee yoo haga kamillee xiyyeeffannoon waan tokko dhageeffaneyyu akka afaan hin banne beekamaadha.Garuu Barreessaan walaloo kanaa namin kun qalbiin akka dhaggeeffataa jiru ibsuuf garmalee olkaasee dhiyeeseera.Kana jechuun mala dubbii keessaa arbeessuutti tajaajilameera jechuudha.Walumaagalatti xiyyeeffannoo olaanaa kana hanga afaan bane dhaggeeffachuutti garmalee ol kaasee ibsuunsaa arbeessuu jedhama.

Fkn. 23 *……………………………..*

*Ormi si se'a haadha baaltii*
*Ati garuu akkas miti*
*Haadha firaa haadha maatii*
*Ijoolleen koo siif maraatti*
*Jaalallikee isaan seenee qara laphee*
*Ijisaanii sitti maxxana akka haphee!*
*.............................................. (fuula 167)*

Walaloon kun walaloo *'Himeemuldhistuu'* isa jedhurraa kan fudhatame yoo ta'u namni jiruuf jirenyasaa keesatti waliin jiraatee, bultii ijaaratee, ijoollee horatee, darba.Adeemsa jireenyaa kana keessattimmoo haati warraa abbaa warraa jaallachuun, abbaan warraas akkusuma gochuun maatii ijaaran kanaaf murteessaadha.Akkasumas ijoolleen haadhaaf abbaa isaanii jaallachuun fi kabajuun maatii gammachiisaa uumuu keessatti shoora guddaa akka taphatu beekamaadha.Haa ta'u malee ijoolleen jaalalli harmee isaaniif qaban hagam guddaa ta'eyyu, sadarkaa maraachuurra hin geessisu. Barreessaan walaloo kanaa garuu,jaalala olaanaa ijoolleen harmee isaaniif qaban agarsiissuf gaalee 'ijoolleenkoo siif maraatti' jedhuu fi gaalee 'ijisaanii sitti maxxana akka haphee' jedhutti dhimma bahameera. Kana jechuun jaalalli ijoolleen harmeesaniitiif qaban garmalee akka ol ka'aa ta'e ibsuun arbeesamera.Kanaafuu walaloo kana keessatti malli dubbii arbeessuu jiraachuusaa ifatti mu'lata jechuudha.

Fkn. 24. ……………………………………

*Na sangoomsuuf arrabakeen na kolaasta*
*Hamileekoo fi anniisaakoo na waraanta*
*… ………………………………………….(fuula 170)*

Afeen armaan olii kana keessattis gaaleen “arrabakeen na kolaasta!” jedhu jira.yaada kanarraa akka hubanuutti yommuu hamileen nama tokkoo gar- malee miidhamusaa ibsuuf kan tajaajiledha. Ilmoon namaa jabina argachuuf, bakka yaade gahuuf, waan barbaade hojjechuuf hamilee inni qabu baayyee murteessaadha. Hamileensaa kun immoo jechaan yookaan gochaan ijaarama ykn ibsama. Jechimmoo arrabaan bakka yaadame gaha. Kanaaf arrabni hamilee nama tokkoo ol kaasuuf ykn gad buusuuf meeshaa guddaa ta’ee waan gargaaruuf annisaan inni qabu hubachuun hin rakkisu. Haa ta’u malee arrabni nama tokko kolaasuu ykn xiinsammuu nama tokkoo garmalee miidhee dhala dhabsiisuu hin danda’u. Garuu barreessaan maddi midhama hamilee arraba ta’uusaa argisiisuuf garmalee olkaasee dhimma itti bahuusaa hubanna. Kanarraa ka’uun waloon mala dubbii arbeessuutti dhimma bahuusaa haala salphaan hubachuun ni danda’ama.

Fkn *25* ……………………………….

*Bishaan miti jirbiitu gad harca’a*
*Suuta jedhee lafa gahee dhagaa ta’a*
*Yoo muran qottoo cabsa*
*Qotan maarashaa dabsa*
*………………………….(fuula 170)*

Afeen armaan oli kun ammoo walaloo ‘*Asii fi achii’* isa jedhurraa kan fudhatamedha. Walalicha keessatti gaaleen ‘lafa gahee dhagaa ta’a’ , gaaleen ‘qottoo cabsa ’ fi gaalee ‘maarashaa dabsa’ jedhan jiru. Barreessaan jabina cabbiin erga lafa gahee qabu ibsuuf gaaleewwaan kanatti fayyadameera.Garuu cabbiin hanga fedheeyyuu osoo jabaatee jabina dhagaan qabu qabaachuu hin danda’u. Akka dhagaa ta’ee qottoo cabsuu fi maarashaa dabsu hin danda’u. Kana jechuun yaanni kun garmalee olkaafamee dhiyaachuusaa hubanna. Walumaa galatti waloon yaada kan olkaasee dhiyeessuuf mala dubbii arbeessatti dhimma bahuusaa hunachuun ni danda’ama.

Fkn. 26. ……………………………

*Asii…*
*Dhagaa bobaa qirqiru*
*Qirqiranii kofalchiisu*
*Achii…*
*Mukni gogaan cabsuu nuffu*

*Asii…*
*Muka gogaa maranii gudunfu*
*……………………………… (fuula 176)*

Afeen armaan olii kun walaloo *Achiifi asii* isa jedhuu kessaa kan fudhatamedha.Biqiltuun tokko biqilee hanga guddatee, badutti adeemsa jiidhina qabaachuu fi goguu keessa darbuun of haaromsaa guddachaa deema. Hanga barbaadamullee yoo ta'uu baate yeroo jiidhinisaa keessa jiru hanga ta'e dabsuuf yaaluun ni danda'ama ta'a. Erga gogee booda garuu dabsuuf yaaluun gara cabsuutti isa geessa.Kanaaf maranii gudunfuun hin danda'amu. Haa ta'u malee barreessaan walaloo kanaa gahumsa ol aanaa namoonni qaban ibsuuf gaalee 'muka gogaa maranii gudunfu' jedhutti fayyadamee barreesseera.Hanga fedheyyu gahumsa namoonni qaban olaanaa ta'uyyu osoo muka gogaa akkasumaan maranii gudunfuu hin dnda'amu. Sababni isaas, mukni gogaan uumamaan yoo dabsuuf yaalan kan cabu ykn kan hin dabne waan ta'eef. Kana jechuun walaloon kun gahumsa namoota kanneenii garmalee olkaasuun dhiyeessuusaa hubanna. Kun immoo kan nutti argisiisu mala dubbii arbeessaatti dhimma bahamuusaati.

### 4.2.5 Mitihee

Gosti mala dubbii kanaa yaada lama of keessaa qaba.Innis yaada ‘eyyee’ jedhuu fi ‘miti’ jedhamu of keessatti qabata. Kana jechuun yaada dubbii sanaa ‘… miti’ ykn ‘ eyyee’ jennee kan xumurru osoo hin taane deebii lamaanuu keessa tokko filachuuf akka rakkannu nu taasiisa. Kanumarraa ka’uun walaloo *‘obomboleettii’* keessatti malleen dubbii gosa kanaa fakkeenya waliin akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

Fkn.28. …………………………………………..

*Kan si jibbu ati jaalladhu, kan si jaallatu ati jibbi*
*Bifa addaadhu akka eelee, gurraacha’i akka jirbii*
*Diilallaayi akka ibiddaa, qaamaa ho’i akka cabbii*
*Ofiiketiin haasayi, dudubbadhu, lallabi*
*………………………………………………(fuula 163)*

Walaloon armaan olii walaloo *‘Obboo ‘bbaa caalii’* jedhurraa fudhatame.Walalicha keessatti jechoonni yaada faallaa waliif qaban galaniiru.Isaanis jibbuuf jaallachuu, addaachuu fi gurraacha’uu, dilallaa’uu fi ho’uu, akkasumas haasa’ii fi lallabi kanneen jedhanidha. Fakkeenya kana keessa, bo’oo jalqabaa irratti nama nama jibbuuf deebiin isaa jibba ta’ee osoo jiruu, jaalladhu jedha; kan jaallatuuf immoo deebiin jaallachuu ta’uu osoo qabuu jibbi jedha. Kanarraa ka’uun yaadni kun miti nama nama jaalatuuf jaalalatu mala kan jechisiisu yoo ta’u, gama biraan immoo haala tokko keessatti kan jibbu jaallachuun,kan jaallatus jibbuun ni jira. Yaadni kun immoo ‘eeyyee’ kan jechisiisudha. Kanarraa ka’uun waloon malleen dubbii keessaa mitiheetti gargaarame hubachuun ni danda’ama.

Fkn. 29. ……………………………

*Achii..*
*Warratu ijoollee guddisa*
*Asii…*
*Ijoolleetu warra guddisa*
*Achii…*
*Namichatu abbaa mucaati*
*Asii*
*Mucaatu abbaa namichaati*
*……………………………………(fuula 178)*

Fakkenyi kun immoo walaloo ‘*Achiii fi Asii’* isa jedhu jalaa fudhatame. Afeen kunis yaadota waliif faallaa lama qabatee argama.Innis ‘ijoolleetu warra guddisa’ fi ‘mucaatu abba

namichaati.’Kan jedhanidha. Xiyyeefannoon walaloo kanaa garagarummaa aadaa Awuroopaafi Oromoo gidduu jiru gidduu galeefatee kan bareefameedha.Kanumarraa ka’uun haala baratamaa keessatti warratu ijoollee horatee guddisa.Gama biraan immoo maatiin erga ijoollee horatee booda yoo hiyyoome ijoolleen maatii guddisti. Akka biyoota Awuroppaattimmoo maangudoonni bakka tokkotti qabamanii ijoolleen ykn dhaabbataan kunuunfamu.Kanaaf himni kun yaada ‘eeyyee’ fi ‘miti’ jedhu of keessaa qabaachuusaa hubanna.

Bo’oon itti aanu ‘mucaatu abbaa namichaati.’ Kan jedhu yoo ta’u abbaan mucaa horatee ‘abbaa’ ta’uun ‘eeyyee’ kan jechisiisudha. Haa ta’u malee mucaan abbaan isaa hiyyoome gargaaree yoo fooyyeesse waan abbaansaa ofiif gochuu qabu mucaan abbaaf yoo godhe, mucaan akka abbaa namichaatti waan hojjeteef ‘mucaan abbaa namichaa ta’a’ jechuun ni danda’ama. Haala baratamaa keessatti garuu mucaan abbaa namichaati yoo jedhamu ‘miti’ kan nama jechisiisudha. Kanaaf malleen dubbii mitihee walaloo keessatti akka dhimmi itti bahame hubachuun ni danda’ama.

Fkn.30 . *……………………………………………..*

*Namni isaan qabame jiraatti tortora, uttu hindu’iin sama*
*Yammuu lubbuun baatu bifatu jijjiirama*
*Gurraacha limixiitti bifti geeddarama*
*Du’a gurraachattis kanaaf moggaafama*
*……………………………………………………(fuula 184)*

Afeen asiin olii kun mataduree ‘*Du’a Gurraacha’* isa jedhu keessaa kan fudhatamedha. Walaloo armaan olii kana keessatti du’aa fi jiraan , tortoraa fi utuu hin samiin, yaadota faallaa waliiti. Kana jechuun namni tokko osoo lubbuun jiruu (jiraatti) hin tortoru; tortore taanaan immoo dursee du’eera jechuudha.Gama biraan immoo namni tokko garmalee dhukkubsannaan qaamnisaa tortoruu danda’a.Kana jechuun yaadni kun ‘eeyyees’ ; ‘mitis’ yaada nu jechiisiisu qaba jechuudha. Kanumarraa ka’uun waloon mala dubbii mitiheetti akka gargaarame hubachuun ni danda’ama.

Fkn. 31. *…………………………………….*

*Hardhi maali… kaleesssi boor yoo hin taane?*
*Booris maal eega, kaleessa hin dhalannee?*
*……………………………………………….. (fuula 184)*

Afeen gubbaatti eerame kun walaloo *‘Himeemuldhistuu’* isa jedhu keessaa waraabame. Kana keessaa yaada walii faallaa ta’an lama argachuu dandeenya. Isaanis ‘kaleessaa’ fi ‘boor’ .yaadni

kun har'arra taanee yoo ilaalle dheengadda kaleessi boor ture; boor kan jechaa turres gaafa darbinee ilaallu kaleessa ta'a. gama biraan immoo kaleessi boor hin ta'u.kaleessi of fakkaata; boor immoo boca haaraa qabatee dhufa. Kanarraa ka'uun yaada 'eeyyee' fi 'miti' jedhu qabaachuusaa nu hubachiisa.Kanaaf mala dubbii mitiheetti dhimma bahamusaa akka salphaatti hubachuun ni danda'ama.

Fkn. 32. *………………………………………………………….*

*Tokkeen lama ta'ee, takkaas sadii ta'ee, akka sillaasotaa*

*Hirriibaa of kaaseen ofiikootiin falma, ofittan mugguta*

*………………………………………………………….(fuula 198)*

Afeen armaan olii walalaloo '*Ana,Anaafi Ana'* isa jedhu keessaa kan fudhatameedha.Kana keessatti gaaleewwan 'tokkeen lamafi takkas sadii, jedhan ni argamu. Jechoonni kunis waliif faallaadha.Namni tokko lama ykn sadii ta'uu hin danda'u.kan ta'uu hin dandeenye garuu qaamaan qofa.Namni tokkichi yaadota lama ykn sadiin altokkotti qabamee of mormuu, of muggutuu akka danda'u beekamaadha. Kanarraa ka'uun yaada yaanni inni jalqabaa 'miti' kan nama jechisiisuu yoo ta'u yaanni inni lammataammoo 'eeyyee' kan jechiisiisu danda'adha. Kanarraa ka'uun waloon maladubbii mitiheetti dhimma bahuu isaa hubanna.

Fkn 33. *…………………………………….*

*Ani gar tokkeen koo, gar tokkoo koo kaaniin*
*Dukkana limixii, walakkaa halkaniin*
*Irraanfachuu lageen yaadachuudhaan qora*
*Hirriibaa dammaqeen yaadachuun weerara.*
*…………………………………………. (fuula 199)*

Afeen kun immoo walaloo '*Ana,Anaafi Ana*' isa jedhurraa kan fudhatamedha. Kana keessatti jechoonni 'irraanfachuu fi yaadachu' jedhan eeramaniiru. Haala baratamaarraa yoo kaanu waan dagachuu hin qabne tokko yoo irraanfannu ni weerarra. Gama biraan ammo waan yaadachuu hin barbaannemmoo yoo yaadanne waan jeequ taanaan innis naasuu nu keessatti uuma.Kanaaf himoonni kun lameen waliif fallaa ta'aniis yaada 'eeyyee' jennee deggaruu fi 'miti' jennee morminu of keessaa qabu. Kanarraa ka'uun Afee kana keessatti yaadota lama, 'eeyye' fi 'miti' nama jechisiisan argina jechuudh. Kanaafuu waloon mala dubbii mitiheetti dhimma bahuun isaa ifadha.

Fkn.34. …………………………………………

*Eenyu 'asham' haa jedhu, eenyu haa waldhaanu?*
*Isa du'ee ciisu eenyu haa awwaalu, eenyu haa kafanu?*
*Daboon dhukkubsanneef, daboon hin fayyinu.*
*Jedhee falaasomnee, jedhee maragoomnee*
*Jiraa akka walganne*
*…………………………………..(fuula 188)*

Mata dureen Afeen kun keessaa fudhatame, *'Du'a Gurraacha'* isa jedhurraati. Bo'oon sadaffaa afeee kanaa 'Daboon dhukkubsanneef daboon hin fayyinu.'Jedha. Yaadni himni kun qabu waliif faallaadha. yaadni inni jalqabaa gareen namootaa waliin dhukkubsataniif waliin hin fayyan kan jedhudha.Kana jechuun Garee kana keessa kan dhukkubichaaf qoricha argate fayyuu, kan dhabemmoo lubbuun darbuus jiraachuus ni danda'a jechuudha. Gama biraan immoo dhukkubni tokko garee namoota hedduu yoo qabate, isaan kaan illee yoo hafan garee hedduu keessaa garee muraasa lubbuu baasuu, ykn irraa baraaramuus ni danda'u. Kanaaf gareeen xiqqaan kun daboon /waliin/ waan kanaan hubame waan ta'eef daboon dhukkubsatee daboon kan fayyes argachuun ni danda'ama jechuudha. Kanaaf akka yaada kanaatti gareen dhukkubsanii fayyuunis ;du'uunis jiraachuu nu hubachiisa. Kanarraa ka'uun waloon maladubbii mitiheetti gargaaramuun yaadasaa ibsuusaa gamanumaan hubachun ni danda'ama.

### 4.2.6 Tuqsee

Tuqseen (tuqxu-seenaa) waan tokkoo ,bakka wayii maqaa dhahuun, namas ta'e waan biro seenaa darbe waliin waliitti hidhuun dhiheessuuf kan gargaarudha. Malli dubbii kunis walaloo '*Obomboleettii'* keessatti haala asii gadiin qaacceffameera.

Fkn.35. ……………………………………..

*Sii bar'aa, sii galgalaa*
*Hoorus dhufee, seetutu gala*
*Waareen waariitti galagala*
*Akka kanaan barri dhufee barri sokka*
*Hoorus fi Seetu waliin morka*
*… …………………………………..(fuula 165)*

Afeen kun walaloo '*Obomboleetti'* isa jedhu keessaa fudhatame. Walaloo kana keessatti maqaa lama argina. Innis 'Hoorus' fi ' seetuu' dha. Maqaaleen kunis seenaa durii akka ilaallu nu taasisu. Akka warri Misir amananiitti 'Hoorus' waaqa garraamuumman beekamu yoo ta'u, 'Seetuu' immoo waaqa hamminaan beekamudha. Kanaaf jechoota kanaan seenaa durii tuqamuusaa nu hubachiisa.Dubbiisaaniis seenaa durii of duuba akka yaadatu kan isa taasiisudha. Kanaaf dhimmoonni armaan oliitti ka'an kun seenaa darbe waliin kan walqabatan waan ta'eef malleen dubbii keessaa tuqseetti fayyadamuusaa nu argisiisa.

Fkn.36. ……………………………

*Korma hin qabu*
*Morma hin dhabu,*
*Jedhe Diiggaa Saaqoo, abbaan Jootee*
*Bara matta'aan dhugaa moote!*
*………………………………. (fuula 152)*

Afeen kun walaloo '*Diiggaa saaqoo'* isa jedhuu keessaa kan fudhatamedha. Walaloon kun jecha Diiggaa Saaqoo dubbate of keessatti qabatee argama. Gootni kun naannoo lixaa Oromiyaatti keessattuu bakka yeroo ammaa Noolee kaabbaa jedhamuutti bal'inaan nama beekamudha. Seenaan inni qabuus qabenyaafi dhugaasaa dabarsee kennuurra lubbusaa kennuun kabaja dhugaan qabduufi faayidaa ofirra sabaaf wareegamuun osoo hin kenniin dhalootasaa kan dhaalchise ta'uusaa; kanaafis wareegama kaffaluusaa seenaa isaarraa hubanna. Seenaasaa darbe kanammoo maqaasaa fi jecha inni dubbatetti fayyadamuun walaloo armaan olii kana keessatti tuqameera.Kanaafuu maqaa fi jechoota 'Diiggaa Saaqoo' seenaa darbe waliin walbira waan taa'ee argamuuf Waloon malleen dubbii keessaa tuqseetti dhimma bahuusaa nu agarsiisa.

Fkn.37 ……………………………………….

*Jalqaba jechatu ture … jedhe yohaannisuu*
*Jecha waaqa biraa, jecha hunda dursu*
*Anadha jechi sun, jecha madda waaqaa*
*Jecha isa ganamaa, kan barii barraaqaa*
*…………………………………………(fuula 1)*

Afeen kun *Obomboleettii* isa jedhu keessaa fudhatame. Walaloo kana keessatti dhimmoota seenaa kitaaba qulqulluu waliin wal qabatantu jira.Kitaabni kunis, seenaa yeroo dheeraa dura barra'ee darbe ta'uunsaa beekamaadha. Akka kitaabichi jedhutti osoo namni hin uumamiin lafa kanarra jalqaba jechi qofti jiraachuusaa; kanas Yohannis kan dubbate ta'uu nutti argisiisa. Yeroo itti Yohaannis dubbattes ta'u,Seenaa Yohaannis ta'ee jechii inni dubbate kun waan darbedha.Haata'u malee waloon jecha kanatti fayyadamuusaatiin dubbiisaan seenaa kana akka yaadatu ta'eera.Kanumarraa ka'uun walaloo kana keessatti malli dubbii tuqsee jiraachuusaa hubachuun ni danda'ama.

Fkn.38 ……………………………………………….

*Fucha namaa hin kennu, baayyate torbee tokko, yookaan bultii lama*
*Yookaan gabaasi 'Joovaanii bokaachi'oo' taanaan*
*Elaa'u bultee manaa nyaannan*
*Abaabilee wajjiin dhiyaanni jannata.*
*………………………………………….. (fuula 186)*

Afeen kun walaloo '*Du'a Gurraacha'* isa jedhurraa kan fudhatamedha. Afee kun waan yeroo durii biyyoota Awurooppaa keessatti uumamee kan ibsudha. Kunis waa'ee dhukkuba hamaa namoota hedduu hubee turedha. Madda dhukkuba kanaa argachuuf beektootni hedduun irratti hirmaataniiru.Isaan keessaa tokko beekaa 'Joovaanii Bokaachi'oo ture. Kanumarraa ka'uun waa'ee dhukkuba kanaas ta'e seenaan Joovaaniin hojjete yeroosaa kan darbedha. Haata'u malee Waloon walaloosaa kanaan seenaa darbe tuqee yaadachiisuuf yaaleera. Kanaafuu walaloo kana keessattis malli dubbii tuqseetti fayyadameera.

Fkn .39 . …………………………………..

*Waayee dhukkubichaa…*
*Kan gaafatu malee kan deebisu ni dhibe*
*'Nistradaamoosmmoo' yammus hin dhalanne*
*Amala du'ichaaf waa'ee egereesaatii dursee akka hin himne*
*……………………………………………………… (fuula 187)*

Afeen kun walaloo ‘*Du’a Gurraacha’* isa jedhu keessaa kan fudhatame yoo ta’u, bara durii qaroominni addunyaa osoo akkanatti hin baba’latiin dhalli namaa rakkoo addaa addaatiif saaxilamaa ture. Rakkoolee kana keessa tokko dhukkuboota dawaa dhabanii miidhaa geesisanidha. Dhukkoboota kanneen keessaa kan biyyoota Awuroopaa keessatti mudatanii namoota hedduu balaaa hamaaf saaxilan ni yaadatamu. Rakkoon kun osoo beektoni, hayyuuleen fi qaalluuwwan ammaa Awurooppaa jiraatan akka salphaatti kan furuu danda’an ture. Garuummoo yeroo rakkoon sun mudateetti qaalluwwan kun hindhalanne.Kanumarraa ka’uun qaalluuwwan yeroo sana akka jiraatan hawwaman keessaa Qaalluu biyya Faransaayi, ‘Nistradaamoos’ ture. Waloon kunis seenaa darbe kana walaloosaa keessatti dhimma itti baheera. Seenaan dhukkubichaas ta’e Nistradaamoosis seenaa darbanidha.Haata’umalee dubbisaan maqaa kana qofaan seenaa darbe kana yaadachuu danda’a. Waloonis mala dubbii tuqseetti dhimma bahuusaa kanarraa hubachuun ni danda’ama. .

Mala dubbii mitihee fakkeenya 32 jalatti akka eerameetti.Waa’een silaasotaa katabameera. Waa’een sillaasotaa seenaa kitaaba qulquulluu keessatti irra deddeebiin kaa’ameera. Seenaan kunis icciitii amantaa kiristaanaa kan ofkeessaa qabudha.Dubbiisaan yemmuu walaloo kana dubbisuutti waa’ee silaasoota kan yaadatu ta’a jechuudha.Sababnisaas bareessaan seenaa silaasotaa tuqee waan darbeef. Kanaaf waloon mala dubbiii tuqseetti dhimma bahuusaa ifatti hubachuun ni danda’ama.

Fkn 41. ……………………………

*Abbaa caali…, yaa gaachanaa*
*Dadhabbiikee bara sanaa*
*An ammayyu nan argana*
*Sii bari’aa, sii galgalaa*
*…………………………….(fuula 158)*

Afeen kun immoo walaloo ‘*Obboo ‘bbaa Caalii* ‘ isa jedhu keessaa fudhatame. Isa kana keessatti namni kun waa’ee guyyaa darbee akka seenaatti yeroo ibsu argina. Jechi ‘bara sanaa’ jedhu waan darbe of keessaa qaba.Barri suniis bara rakkoo cimaa jala turefi saniirraa ka’uun hanga ammaatti kan hin dagatamne ta’uusaa ibsa. Kanumarraa ka’uun Waloon waan darbe tokko jecha ‘bara sanaa’ jedhuun tuqee seenaa darbe yaadachiisaa ibsuun mala dubbii tuqseetti dhimma baheera.

### 4.2.7 Atee

Ateen waan nu bira hin jirre tokko akka waan nu bira jiruutti fudhachuun ofitti dhiyeesinee waliin dubbachuun, gaaffii gaafachuufi kadhachuu kan of keessaa qabudha. Walaloo *Obomboleettii* haala kamiin akka malli dubbii kun dhiyaate qaacceessa armaan gadiin kan ilaallu ta'a.

Fkn.48 ………………….

*Gindii ni urta*
*Seera ni uumta*
*Waaqa ni horta*
*Sirraa hafee namaa ergifta*
*"Fayyaa ta'i, siif galata"*
*Hin jedhamtu… Addunyaan kun si mufata*
*Haa ta'u malee Qawwee in tumta*
*Egereenmoo si liqimsuuf amuummata!*
*……………………………………….…(fuula 159*)

Afeen kun walaloo *Obboo 'bbaa Caalii* isa jedhu keessaa kan waraabamedha. Ateen waan nu bira hin jirre akka waan nu bira jirutti ibsuudha. Haaluma kanaan namni tokko nama isa bira hin jirretti, akka waan isa dhaggeeffataa jiruutti yemmuu itti dubbatutu jira. Waliin dubbii kana keessatti namni kun osoo waan hundaan ifaajuu galata akka hin qabnee fi gara fuulduraatti abdiin inni qabu yaaddessaa akka ta'e ittit hima.Garummoo namichi inni itti himu kun isa bira hin jiru. Kanaaf walaloo kana keessatti ateen mala dubbii waloon itti tajaajilame ta'usaa hubachuun ni danda'ama.

Fkn.49 ……………………………………………………

*Qaalluun Awurooppaadhaa beekaan kiriistaanaa*
*Waa'ee dhukkubichaa jalqaba qoranna*
*Kaan Urjii dhayee waa'e dhukkuba kanaa*
*Kaan Waaqa kadhate kaan barruusaa bana*
*"yaa waaq nagaa buusi nuu kenni qabbana"*
*Jedheetu wawwaate*
*Garuu dhukkubichi icciitii dhokfate!*
*…………………………………………..… (fuula 189)*

Afeen kun walaloo '*Du'a gurraacha'* isa jedhu keessaa kan fudhatamedha. Kana keessatti dhalli namaa akkuma yeroo biraa jireenyasaa keessatti yemmuu haalli itti cimu waaqa kadhatu, as keessattis namni kun dhukkubni naannoo inni jiraatu ka'e namoota hedduu galaafateera.Kana

jala lubbusaa oolchuuf waan isa bira qaama ufatee hin jirre garuummoo na bira jira, na dhagaha jedhee waan amanuuf yeroo kadhatu walaloo kana keessaatti hubanna. Waan is bira hin jirre,/waaqayyoon/ akka waan isa bira jiruutti fudhachuun itti haasa'a . Kana jechuun Waloon waalaloo kanaa mala dubbii Ateetti dhimma baheera jechuudha.

Fkn.50. *………………………………………………*

*Inni amantaan bulu waaqatti galagalee*
*Yeroo kamuu caalaa, bilbila galmasaa olkaasee bilble*
*Maal dhukkubni kun…?*
*"Fayyasaa nuu himi, takkaa sin mararruu?"*
*Jedhee iyyee faarse*
*Ol kaasee kadhate, gad qabee asaase*
*Qaamnisaa adoodee*
*Waaqatti gadoode!*
*……………………………………….(fuula 190)*

Afeen armaan olii kun walaloo '*Du'a gurraacha'* isa jedhu keessaa kan waraabamedha. Afeen kana kessatti dhalli namaa waan bira hin jirretti yemmuu haasa'utu mul'ata. Akka fakkenyichi argisiisutti namni tokko yeroo dhukkubaan qabame, miidhamuu du'a sodaatee waaqasaa waliin akka nama isa bira jiruuttifi akka waan dhaggeeffataa jirutti hubachuun osoo itti haasa'uu fi kadhatu mul'ata. Walaloon kunis akka Waaqayyo nama dhukkubaaf saaxilame kanaaf fayyina /qoricha/ kennuuf yeroo itti wawwaatuu miira qabu waliin kan barraa'edha.Walumaagalatti walaloo kana keessatti malli dubbi Ateen jiraachuusaa hubachuun ni danda'ama.

Fkn.51. *……………………………….*

*Maaf 'na jalaa diddaa…?*
*Kunoo sin argawoo, gubbaa sana jirta*
*Nu fixeewoo kunoo…*
*Sabnikee yammuu dhumu ijakeen argita!*
*Raajiikee hin roobsituu maal yoomiif qusatta?*
*Jedhee waaqatti iyyee,*
*Waaqatti asaasee, waaqasaa komate*
*Akka waan isa wajjiin waliin mallatteessee*
*Kakuu waliin kaatee!*
*Qe'eesaa, ollaasaa, biyyisaa hundumtuu*
*Yeroo reeffaan guutu,*
*Maqaasaa komachuun kan itti baayyatu…!*
*……………………………………… (fuula 190)*

Afeen kunimmoo walaloo '*Du'a Guraacha'* isa jedhu keessa kan fudhatamedha. Walaloon armaan olii kun namoonni dhukkubaan hubamanii qe'e, olla, fi biyyisaanii yeroo miidhameetti waan isaanirra fagoo ta'etti garuummoo nugargaara jedhanii amanan /waaqayyotti/ akka waan dhihoo dhaabatee itti haasa'uutti ykn rakkoosaanii dhagahuutti fudhachuun yeroo rakkoofi midhamasaanii itti himatantu jira.

Egaa dhalli namaa waantoota isa bira qaamaan hin jirretti akka waan isa dhagahaa jiraniitti haasa'uun, komachuun, kadhachuun, gaafachuun, muufii ibsachuunifi waan kana fakkaatan raawwachuun walaloo kana keessatti ibsameera.Waan nurraa fagoo jiruutti yaada keenya ibsachuuf immoo mala dubbii ateetti tajaajilamna.Kanumarraa ka'uun waloon mala dubbii ateetti dhimma bahuunsaa hubachuun ni danda'ama.

Fkn.52. *……………………………………*

*"Waaqayyo attamitti kana nutti fidda?"*
*Kan kana nutti fidu jarreenittii sana, jarreen warra baddaa*
*Maal taate namana… ijoollee warra sanaati*
*Kan kun nutti dhufu, bishaanirraa miti*
*Kunoo… Arrabakoorraa rifeensi haa buqqa'u*
*Sababa isaaniitti kan hawwaasni kun du'u!*
*……………………………………….. (fuula 192)*

Afeen kunis walaloo '*Du'a Gurraacha'* jedhu keessaa kan fudhatamedha.Mala dubbii Atee, wanti tokko waan isa bira hin jirreen waliin haasa'uun kan ibsamudha.Walaloo kana keessattimmoo 'attamitti kana nutti fiddaa?' jedhee osoo gafatuu argina.Kan inni gaafataa jiruus Waaqa isa uume.Waaqa isa uume bira osoo hin jiraatiin akka waan qaamaan isa bukkee dhaabatee haasa'aa jiruutti yemmuu gaaffii isa gaafatutu hubatama. Kanarraa ka'uun waloon mala dubbii keessaa ateetti dhimma bahuusaa hubachuun ni danda'ama.

### 4.2.8 Mallattoo

Mallattoon waan tokko waan ijaan hin mullanne ykn waan mullatuun bakka buusanii mallattoo waan biraa bakka bu'u ibsuudha. Kanumaan wal qabatee walaloo *'Obomboleettii'* keessatti mala dubbii mallattoo addaa baasuun fakkeenya waliin haala armaan gadiin qaacceffameera.

*Fkn.53.* *…………………………………………*

*Afaan baayyeen, uumaadhaan akkeessa*
*Nan tolcha, nan diiga, facaaseen magarsa*
*Fedhe aduun rooba, fedhe bokkaan baasa*
*Fedhe nan balleessa, fedhe nan mi'eessa*
*Uumaa uumee ka'een, fedhe jiraachisa, fedhe nan ajjeesa*
*Anadha jechisun, jecha madda waaqaa,*
*Jecha isa ganamaa, kan barii barraaqaa*
*……………………………………………… (fuula 3)*

Afeen armaan olii kun walaloo '*Obomboleettii'* isa jedhu keessaa fudhatame. Walaloo kana keessatti gaaleewwan 'nan tolcha, nan diiga, fedhe nan jiraachisa, fedhe nan ajjeesa, kkf' jedhan jiru. Gaaleewwan kun gochoota. Akka xiinsammuu hawaasaatti gocha kana kan raawwachuu danda'u rabbi; Uumaadha. Kanaaf gaaleewwan jecha 'Rabbi' jedhu ibsuuf ykn agarsiisuuf kanneen waloon dhimma bahedha. Ibsoonni olii kun 'Rabbii' bakka bu'u jechuudha.Kanaaf walaloo kana keessatti malli dubbii mallattoo dhimma bahameera jechuudha.

*Fkn.54* *…………………………..*

*Gindii in murta*
*Waanjoo in urta*
*Seera in tumta*
*Waanta in horta*
*Sirraa hafee namaa ergista*
*Fayyaa ta'i, siif galata…*
*……………………………………….. (fuula 159)*

Afeen armaan olii kun walaloo '*Obboo, 'bbaa Caalii'* isa jedhu keessaa waraabame. Malli dubbii walaloo armaan olii keessatti argamu mallattoodha.Sababni isaas gaaleewwan, 'Gindii in murta, waanjoo in urta…' jedhan yeroo ilaallu, Gochaaleen gindii muruufi waanjoo uruu qonnaa waliin walqata. Hojii qonnaa irratti kan hirmaatummoo qonnaan bulaadha. Kana jechuun gaaleewwan kun qonnaan bulaa bakka bu'anii ibsuuf kanneen argamnidha. Kanaafuu walaloo armaan olii keessatti malli dubbii mallattootti dhimma bahameera jechuudha.

*Fkn.55* ……………………………………………

*Shawwisa wajjiin geelloo sirbi*
*Diilallaayi akka ibiddaa, qaama ho'i akka cabbii*
*Ofii keetiin haasa'i, dudubadhu lallabi*
*Kaani wajjiin cuqqaalami qooqa dhabi*
*………………………………………….……(fuula 164)*

Afeen kun walaloo *Obboo 'bbaa Caalii* isa jedhu keessaa kan fudhatamedha.Walaloo kana keessatti gaaleewwan "ofii keetiin haasa'i fi duddubadhu lallabi."jedhutu jira. Gaaleewwan kun 'maraatummaa' waliin wal qabata.' Amali maraatummaan ittiin ibsamu hedduu haa ta'u malee kanneen keessaa ofiin haasa'uu fi qofaa dudubbachaa deemuun isa tokko. Kana jechuun gaalewwan kun walaloo kana keessatti maraatummaa ibsuuf kanneen galan ta'uu hubanna.Kanumarraa ka'uun walaloo kan keessa malli dubbii mallattoon jira jechuudha.

### 4.3 Sureessuu

Suuressuun fayyadama afaanii keessaa tokko ta'ee, barreessaan miira arguu, dhagahuu, fuunfachuu fi qaqqabuu dubbisaa keessatti uumuuf kan dhimma itti bahudha. Kutaa kana jalatti akaakuuwwan suuressuu fakkeenyota waliin walaloo *obomboleettii* keessaatti haala armaan gadiin qaacceffameera.

#### 4.3.1Sureessuu Argee

Suuressuun argee ilaaluun ykn arguun waliin kan wal qabatu ta'ee, jechootni walaloo keessatti tajaajilan hundi kan argaman yookan kan ilaalamanidha. Kanumarraa ka'uun walaloo '*Obomboleettii'* keessatti sureessuun argee fakkeenyota waliin akka armaan gadiitti qaacceffamee jira.

*Fkn.56 ………………………………*

*Dubbii kana akka ilaallu*
*Dhibee sabaa akka waldhaanu*
*Mootiin lamaan walii galu*
*Akka kanaan sabni yaa'ee*
*Odaa jala guutee taa'ee*
*Jaarsa dubbii kana madaalu*
*Beekaa guddaa akka Qaalluu*
*……………………………………(fuula 153.)*

Afeen armaan olii kun walaloo '*Diggaa Saaqoo'* isa jedhu irraa kan fudhatamedha. Afee kana keessatti gaaleewwan 'akka kanaan sabni yaa'ee, Odaa jala guutee taa'ee…' jedhan dubbisaan akka waan ijaan argee suurri odaafi jaarsolii Odaa jala jiranii itti argama. Gaaleen lammaffaa keessattiis yemmuu sabni Odaa jalatti walitti qabamee taa'uun hima.Kunis, miira akka waan ijaan argee dubbisaatti akka dhagahamu taasisa. Kanaaf Waloon gosa suuressuu keessaa argeetti akka gargaarame hubachuun ni danda'ama.

*Fkn.57 ………………………………………………*

*Dhiiga cobsuun, eega horri, dhuunfaan ta'ee*
*Haa lola'u kan koo, lolaa ta'ee*
*Xurii haa bahu, dhangala'ee*
*Jedhee Roorroo, baayyee haasa'ee*
*Goraadeesaa mandhee kaa'ee*
*Butee baasee of gorra'e*
*…………………………………………(fuula 154)*

Afeen kun walaloo '*Diggaa Saaqoo'* isa jedhu keessaa fudhatame. Afee kana keessa gaaleewwan 'Goraadeesaa mandhee kaa'ee, butee baasee of gorra'e…' jedhutu jira.Kunimmoo dubbisaan akka waan ijaan gocha sana argeetti miira arguu itti uuma. Kun namni tokko aariin erga dubbatee booda Goraadee hidhatee mandhee keessaa baasee yemmuu of gorra'u suuraa dubbisaatti agarsiisa. Kana jechuun afeen armaan olii kun suuressuu argeetti akka fayyadamee jiru hubachuu ni dandeessisa.

*Fkn.58* *……………………………….*

*Taa'aa ooleen, taa'aa bula*
*Si do'achaa, si ilaalaa!*
*Takka takka yaadni dhufee narraa darba*
*Ishee wajjiin yeroo kiyya maafan guba*
*Jaalalli ishee maal naa bu'aa naa qabaa?*
*………………………………………… (fuula 168)*

Afeen kun walaloo '*Himee Muldhistuu'* jedhu keessaa fudhatame. Namni tokko jaalalli qabeera kan jechisiisu keessaa tokko osoo walirraa hin kutiin nama jaalatu sana ilaaluusaati. Afee kana keessattis namni dubartii tokko jaalatee osoo taa'ee do'atuu nutti argama. Ilaaluun ykn do'achuun kun immoo sa'atii dheeraafi. Kunis sammuu dubbisaa keessatti akka namni tokko sa'atii dheeraaf dubartii tokko ilaalaa jiru suura sammuu keessatti uuma. Waloon suuressuu argeetti gargaarameera. Kana jechuun afee kana keessatti suuressuun argee jira jechuudha.

*Fkn.59* *……………………………………*

*Achii…*
*Haxxissuu seerri hin dhowwu*
*Fottoqsanii haxxifatu*
*Asii…*
*Haxxissoo seeratu dhowwa*
*Ukkaamsanii haxxiffatu*
*Keessatti amuummatu*
*…………………………………….…(fuula 179)*

Afeen kun walaloo '*Asii fi Achi'* isa jedhu keessaa waraabame. Afee kana dubbisaan yemmuu dubbisu akka namni tokko bilisummaan haxxiifatu, hanga barbaade hammuumatu, bakka kaanittimmoo ukkaamsee akka haxxifatu fi keessatti amuummatu ibsa.Dubbisaan yeroo walaloo kana dubbisutti haala namoonni ammuumatanifi haxxifatantu itti argama.Gama biraatiinis haxxifachuu fi amuumachuun sagalee waan qabuuf suureessuu dhageetti jalattiis haammatamuu danda'a. Haata'u malee wanti yeroo dubbifamu akka waan ijaan argineetti suuraa sammuu

keenya keessatti uumu immoo suuressuu argeeti. Kana jechuun afee kana keessatti suuressuu argeetti dhimma bahameera jechuudha.

### 4.3.2 Sureesuu  Dhageettii

Suuressuun dhageettii dhagahamuu sagalee walin wal qabata. Yeroo gosa suuressuu kanatti yemmuu waloon fayyadamu dubbisaattti miira dhageettii uuma.Haata'u malee dubbisaan miira dhageetiitu itti dhagahama malee kaayyoodhaan kan dhaggeeffatu miti. Kanumarraa ka'uun walaloon  haala kamiin akka gosa sureessuu kanatti dhimma bahe walaloo *Obomboleettii* kessatti haala armaan gadiin qaacceeffameera.

*Fkn.60* ……………………………………..

*"Dhalli keenya dhala yuuyyee*
*Qeyeen keenya qeyee Booyyee*
*Dhugaan murra, dhugaa hin haallu*
*Dhugaa haallaan, qeyee keenya bofti haa dhaalu"*
*Jedhanii kakatanii, waadaa galu*
*Warri jaarsaa abbaan alangaa*
*Dubbii muree buusuuf nagaa*
*……………………………………………… (fuula 153)*

Afeen armaan olii kun walaloo '*Diiggaa Saaqoo'* isa jedhu keessaa  fudhatame. Barreessaan walaloo kanaa sagalee maangudoota dubbii muranii, yemmuu dubbii dhugaa muruuf kakatan akka dubbisaatti dhagahamu taasisee barreessee. Akka sararoota walaloo armaan olii arfan kana keessatti akka ibsameetii dubbiisaan yeroo walaloon kana dubbisu  akka waan sagalee maangudootaa dhagaheetti miirri dhagaheetti itti dhagahama. Gamabiraanis sureessuun argee walaloo kana keessatti mul'ata. Innis sararoota walaloo lammafaafi arfaffaa yemmuu dubbisaan dubbisuutti miirri waan san arguu itti dhagahama.Walumaa galatti walaloo kana keessa gosa sureessuu lamatu jira jechuudha. Kanaafuu waloon sureessuu dhageettifi argeetti dhimma bahusaa hubachuun ni danda'ama.

*Fkn.61* ……………………………………………..

*"Abbaa dursee dhiiga buusee waa itti qale*
*Hora kana haa dhuunfatu*
*Dubbiin kunis asumarratti haa dhaabatu"*
*Jedhee murteessee, lallabee*
*Dhugaa yaabee gadi qabee*
*……………………………….…… (fuula 154)*

Afeen armaan olii kun walaloo '*Diggaa Saaqoo'* isa  jedhu keessaa fudhatame. Afee kana keessatti lallaba jaarsi biyyaa taasisetu jira. Lallabni nagaa buusuuf jaarsi biyyaa taasise kun

yemmuu dubbisaan walaloo kana dubbisutti kallattiin miiri dhageettii akka itti dhagahamu taasisa.Miirri dhageettii kunis dubbisaan kaayyoon kan dhaggeeffatu osoo hin taane, dubbisa keessa sagaleeen jaarsolii kun adda ta'ee itti dhagahama. Kanaafuu akaakuun sureessuu walaloo kana keessatti argamu, kan dhageettii ta'uusaa hubachuun ni danda'ama.

*Fkn.62 ……………………………………*

*Mootiin moyes ni dhaabate*
*Mowuusaa in baannate*
*"Horri kunoo duruu kooti,*
*Madda dheebuu saawwan kooti*
*Diiggaa Saaqoo maaf na didda?*
*Mee egaa ijoolle…*
*Korma sana as naa butaa, dafaa fidaa!"*
*Jedhee, ijoolleesaa abboome*
*………………………………….…(fuula 154)*

Afeen asiin olitti kaa'ame kun walaloo '*Diiggaa Saaqoo'* isa jedhu keessaa kan fudhatamedha. Gosni sureessuu walaloo kana keessatti muldhatu, sureessuu dhageettii ti.Innis walaloo armaan olii keessatti, mootiin lama wal mormee tokko yemmuu injifatu jechoonni injifannoosaa labsachuuf dubbate sararoota walaloo sadaffaa hanga jahaffaatti kaa'amanii jiru. Sagaleen mootii mo'ee kanaas yeroo dubbisaan walaloo kana dubbisutti nidhagahama. Haa ta'u malee dubbisaan sagalee mootii mo'ee kanaa kaayyoon kan dhagahu miti. Kana jechuun waloon gosa sureessuu dhageettiiti dhimma baheera jechuudha.

*Fkn.63 ………………………………….*

*Ilmi Saaqoos*
*"Bada Diiggaa, nan gowwoome?!*
*Hora abbaakoo dur na saamee!"*
*Jedhee iyyuuf waa sardamee*
*……………………………….….(fuula 155)*

Afeen asiin olitti kaa'ame kun walaloo *Diiggaa Saaqoo* isa jedhu keessaa kan fudhatamedha. Walaloo kana keessatti yemmuu ilmi Saaqoo waan akka gowwoomfameetti, waan akka saamameetti miira cabaan yemmuu dubbatu dubbisaatti dhagahama. Kunis miira aarii fi iyyaa qarqara gaheen yoo dubbatamu kan dhagamudha. Kanumarraa ka'uun Waloon gosa suressuu keessaa dhageettiitti dhimma bahuusaa hubachuun ni danda'ama.

*Fkn.64 ……………………………………….*

*Haadha amalaa, haadha amalee*

*Geessuu hin beektu fiduu malee*
*Hin iyyitu yoon si dhiitee si kabale*
*Cal-jettuu koo, an cal-jennaan ni callista*
*Siin haasofnaan ni haasofta*
*Sagaleen kee natti hin wacu*
*Goolii uumee nan hammacu…*
*……………………………………………..(fuula 167)*

Afeen kun walaloo *HimeeMuldhistuu* isa jedhu keessaa fudhatame. Barreessaan walaloo kanaa sagaleewwan addaa addaa walaloo kana keessatti eeree jira.Isaanis sagalee namaa osoo rukkutamuu obse callisuu, sagalee haasaa fi sagalee jeequmsa hin uumne fa'a.sagaleewwan kun gurraan osoo hin ta'iin miiraan kan dhagahamanidha. Kana jechuun waloon gosoota suuressuu keessaa dhageetiitti dhimma baheera.

*Fkn.65 ………………………………………………*
*Butaman namichaa, yoo taa'e cinaakee*
*Yoo caraanee kolfe, akka Harree alaakee*
*Hin alaakuuf malee…*
*Gaggaba qasa'ee, yoo haasayee cooke*
*Yoo qoose, yoo baace, munaaga munaagee…*
*Shimila mammaakee*
*Bar kolfa kolfu miti, quumaada hin qummaddu, kun miti dhimmake*
*Yoo fedhe haa caraanu, yoo fedhe haa baroodu*
*Siif girookee miti, qaamni sin shirrisu…*
*Hidhiin si hin qummaadu.*
*…………………………………………….(fuula 182)*

Afeen kun walaloo'*Achiifi Asi'* isa jedhu keessaa fudhatame. Gaalewwaan afee armaan olii keessatti 'yoo caraanee kolfe, akka harree alaakee, gaggaba qasa'ee, yoo haasayee cooke, yoo fedhe haa caraanu, yoo fedhe haa baroodu' jedhan sagalee namni tokko dhageessisuu danda'udha. Haa ta'u malee, dubbisaan sagalootni kun kaayyoodhaan akka dhagahamu kan taasifamee osoo hin taane dubbisaan dubbisa keessa miirasaatti kan dhagahamnidha. Kana jechuun Waloon suressuu dhageettiitti walaloo kana keessatti dhimma itti baheera jechuudha.

### 4.3.3 Suressuu Keessoo Qaamaa

Suuressuun keessoo qaamaa miirota kanneen akka dheebuu, beela, dhukkuba fi miirota keessa qaama irraa ka'an waliin kan wal qabatudha. Kunis walaloo *Obomboleettii* keessatti haala armaan gadiin qaacceffameera.

*Fkn.66 ………………………………………………….*

*Takka takka xebera kee fi marraguma*
*Doorsisa kee fi of jaja keetu naa gama*
*Lubbuu kootu na keessatti guraarama*
*Yeroo sana si dhiiseetan*
*Mana mashataa deema*
*Sinsinnaayeen si mufadha*
*Si baqachuutan of baqadha*
*Qalbiikoo walaboomsuufan wixxifadha*
*Siin ooduudhaaf maqaa waaqaatiinan kadhadha*
*Si balfetan, si jibbeetan…*
*Mana kommaarii keessa dhokadha.*
*………………………………………………. (fuula 168)*

Afeen armaan olii kun walaloo *Himemuldhistu* isa jedhu keessaa fudhatame. Akaakuun sureessuu walaloo armaan olii keessatti muldhatu keessaa inni tokko sureessuu keessoo qaamaati. Kunis miiroonni keessoo qaamaa irraa ka'an kanneen akka doorsisuu, of jajuu, sinsinnii, balfuu fi jibbuu walaloo keessatti ibsamaniru. Kanaaf walaloo kana keessatti miironni addaa addaa kan keesso namaa keessaa maddan galaniiru. Knumarraa ka'un waloon sureessuu keessoo qaamaatti dhimma bahusaa hubachuun ni danda'ama.

*Fkn.67 …………………………………………….*

*Haadha sirbaa, haadha dhangaa*
*Harki koo qomakeetti fiiga*
*Si obsuu hin danda'u, qaama kootu na dida*
*Tarii na tuffattaa… na taajjabdaa*
*Garuuu… qaamakee soqoltee natti qabda*
*Gara baldheettiikoo, ati yoom na didda?*
*……………………………………………….. (fuula 169)*

Afeen kun walaloo *'Himeemuldhistuu'* isa jedhu keessaa fudhatame. Walaloo kana keessatti gaaleewwan sureessuu keessoo miiraa mul'isan kanneen akka obsuu, taajabuu, tuffachuu, fi kkf ni jiru. Tuffii fi taajjabuun immoo miirota keessoo qaama namaatii ka'anidha. Kanaaf akaakuun sureessuu keessoo qaamaa walaloo kana keessa jiraachuusaanii hubachuun ni danda'ama.

*Fkn.68* *…………………………………………….*

*Himee muldhistuu haadha simboo*
*Haadha joonjii, raatessituu akka daangiboo*
*Na cimsitee, na laaffista*
*Na ho'istee qabbaneessita*
*Kofalchiistee na boosifta.*
*……………………………………(fuula 169)*

Afeen armaan olii kun walaloo *Himeemuldhistuu* isa jedhu keessaa kan waraabamedha. Akkuma beekamu miironni kanneen akka joonjii, raata'uu, cimuu, laafuu, ho'uu, qabbanaa'uu, kolfuu, fi boo'uun miirota keessoo qaama namaa keessaa ka'anidha.Miiroonni kunneen immoo walaloo kana keessatti ibsamaniiru.Kana jechuun dubbisaan yemmuu walaloo kana dubbisuutti miiroonni kun kan itti dhagahaman ta'u.Kanaaf Waloon sureessuu keessoo qaamatti dhimma bahuusaa hubachuun ni danda'ama.

*Fkn.69* *……………………………………………….*

*Dhibaayyuu hin simatu, ofii isaaf gorra'a*
*Dhibba dhibbaan nyaatee, ammayyu inbeela'a*
*Nama galaafatee waaqa gojoma'a*
*Kaaniif kotteen kaata, kaaniif koochoo qaba*
*Muummee namaan lixa, tulluu namaan yaaba*
*Mormafaa dhiitessee, mudaamuddii fi bobaa*
*Dhullaa fi dhiitoodhaan micciireetu sarbaa*
*Ciriqii hudheetu liqimsituufi somba*
*Afuura booji'ee, human namaa sarba*
*…………………………………………………… (fuula 185)*

Afeen armaan olii kun walaloo *Du'a Gurraacha* isa jedhu keessaa waraabame. Gosti sureessuu walaloo kanaa keessatti argamu sureessuu keessoo miiraati.Kana hubachuufis gaalewwanii fi jechootni kanneen akka 'beela, gojommii, booji'a fi kkf jedhan kanneen miira keessoo qaamaarraa ka'an mul'isani.Kanaaf waloon sureessuu keessoo miiraatti dhimma bahuusaa hubachuun ni danda'ama.

Akaakuuwwan sureessuu armaan oliitti qaacceeffaman kanneen walalicha keessatti argamani.Kanneen hin eeramiin kan waloon walalicha keessatti dhiimma itti hin baanedha.

### 4.4 Hariiroo Mala Dubbii fi Suuressuu

Malli dubbii fi suuressuun qooqa walalooti.Kana jechuun hariiroo waliin qabu jechuudha.Malli dubbii galtee suuressuu ta'uun hiika bareessaan dubbisaaf dabarsuu barbaade bifa guutuu ta'een akka dabarsu taasisa.Kanas walaloo *Obomboleettii* keessatti haala armaan gadiin qaaccefameera.

*Fkn.70 …………………………………….*
*Dubbii kana akka ilaalu*
*Dhibee sabaa akka waldhaanu*
*Mootiin lamaan walii galu*
*Akka kanaan sabni yaa'ee*
*Odaa jala guutee taa'ee*
*Jaarsa dubbii kana madaalu*
*Beekaa guddaa akka Qaalluu*
*……………………………………………… (fuula 153)*

Afeen armaan olii kun walaloo *Diggaa Saaqoo* isa jedhu irraa fudhatame.Walaloon kun mala dubbii keessaa mallattoo akkasumas akaakuu sureessuu keessaammoo sureessuu argee of keessaa qaba. Gaaleen 'Odaa jala guutee taa'ee' jedhu akka waan ijaan arginee suuraa sammuu dubbisaa keessatti yoo uumu, gama biraan immoo Odaa jala kan taa'u saba Oromooti. Kanaaf Odaa jala jamaa guutee akka sammuu dubbisaatti mul'atu ta'eera.

Walaloo kana keessatti malli dubbii mallattoo galtee suuressuun argeen ta'uun sammuu dubbisaa keessatti suura uumeera. Jamaa taa'ee dubbii nama gamaafi gamanaatti akka ilaaluuf godheera.Gama biraan immoo gosootni mala dubbii fi suuressuu galtee waliin ta'uun hiika aadaa Oromoo keessatti namni yoo walitti bu'u sabni yaa'ee Odaa jalatti wal gahee beekaa/Qaalluu waamee rakkoo isa mudate furuu uumeera.Walumaagalatti mallidubbii malattoo galtee sureessuu argee ta'uu walaloo kana keessatti hubachuun ni danda'ama.

Sureessuu argee fakkeenyi 56tti. walaloo malli dubbii iddeessaa galtee suuressuu argee ta'uun ijaaramedha. Kunis sararoota jalqabaa lameen walaloo kanaa keessatti argama. Dhiiga lolaan bakka buusee dhiiyeessuun mala dubbii iddeessaatti tajaaajilameera. Gama biraan ammoo yemmuu dhiigni kun lola'u akka sammuu dubbisaa keessatti suuraa kaasuun akka waan ijaan argeetti akka hubatuu waan taasiiseef waloon suuressuu argeetti dhimma baheera.Walumaa galatti walaloo kana keessatti malli dubbii iddeessi galtee sureessuu argee ta'usaa hubachuun ni danda'ama.

*Fkn.72 …………………………………………..*

*Taa'aa ooleen, taa'aa bula*
*Si do'achaa, si ilaalaa!*
*Takka takkaa yaadni dhufee narraa darba*
*Ishee wajjiin yeroo kiyya maafan guba*
*Jaalalli ishee maa'naa bu'aa 'naa qabaa?*
*……………………………………………….(fuula 168)*

Afeen kun walaloo *Himeemuldhistuu* jedhu keessaa kan fudhatamedha. Walaloon kun akaakuu mala dubbii arbeessuu fi suuressuu argee of keessaa qaba. Malli dubbii arbeessuu sararoota walaloo …" Taa'aa ooleen, taa'aa bula", fi "si do'achaa, si ilaalaa," isa jedhuunidha. Sababni isaas hanga fedheyyu yoo waan tokkoof xiyyeefannoo yoo kenne ilaalaa oolee hin bulu. Gama biraan ammoo yemmuu walaloo kana dubbisnutti haala namni kun sa'a dheeraa taa'ee waa daawwattu /ilaalu/ sammuu keenya keessatti akka waan arginee suuraa uuma.

Kanumaan wal qabatee hariiroon suuressuu argeen mala dubbii arbeessuu waliin qaba jechuudha...Akkasumas malli dubbii arbeessi galtee sureessuu arge ta'us hubachuun ni danda'ama.

*Fkn.73 …………………………………………*

*Butaman namichaa, yoo taa'e cinaakee*
*Yoo caraanee kolfe, akka Harree alaakee*
*Hin alaakuuf malee…*
*Gaggaba qasa'ee, yoo haasa'ee cooke*
*Yoo qoose, yoo baace, munaaga munaagee…*
*Shimila mammaakee*
*Bar kolfa kolfu miti, quumaada hin qummaddu, kun miti dhimmake*
*Yoo fedhe haa caraanu, yoo fedhe haa baroodu*
*Siif girookee miti, qaamni sin shirrisu…*
*Hidhiin si hin qummaadu.*
*…………………………………………..(fuula 182)*

Afeen kun walaloo *Asii fi Achi* isa jedhu keessaa kan fudhatamedha. Walaloon kun akaakuu mala dubbii akkasaa fi suuressuu dhageettii irraa kan ijaaramedha. Gaaleen 'yoo caraanee kolfe, akka Harree alaakee…' jedhu keessatti malli dubbii akkasaan suuressuu dhageettiifi galtee ta'ee ibsameera. Kunis nama kolfu tokko Harree waliin wal bira qabee dhiyeesuun mala dubbii akkasaan yoo ibsamu haala ittiin kolfe ykn sagalee dhageessiseen caraanuusaa immoo suuressuu dhageettii ibsuun kaa'era.Kanaaf waloon mala dubbi akkasaa galtee sureessuu dhageetti taasiisee dhimma itti bahusaa hubachuun nama hin rakkisu.

.

*Fkn 74 ………………………………………….*

*Haadha amalaa, haadha amalee*
*Geessuu hin beektu fiduu malee*
*Hin iyyitu yoon si dhiitee si kabala*
*Cal-jettuu koo, an cal-jennaan ni callista*
*Siin haasofnaan ni haasofta*
*Sagaleen kee natti hin wacu*
*Goolii uumee nan hammacu*
*………………………………… (fuula 167)*

Afeen kun *Himeemuldhistuu* isa jedhu keessaa kan fudhatamedha. Walaloon kun akaakuu mala dubbii keessaa arbeessuufi akaakuu suuressuu keessaammoo suuressuu dhageettii of keessaa qaba. Gaaleen 'hin iyyitu, yoon si dhiitee si kabale' jedhu, namni tokko hanga fedhe yoo obsellee dhiitamee osoo kabalamuu iyyuun hin oolu.Kanaaf waloon mala dubbii arbeessuutti dhimma baheera. Akkasumas dubbisaan yemmuu walaloo kana dubbisutti mira dhageettii namni yeroo dhiitamu fi kabalamu akka dhagaheetti hubata.Dabalataanis gaaleen 'sagaleen kee natti hin wacu' jedhu sagaleen dhagahamu sagalee laafaa ta'usaa ibsa.Kana jechuun waloon suuressuu dhageettiin dhimma baheera jechuudha.Walumaagalatti hariiroo mala dubii arbeessaafi sureessuu dhageetti hubachuun ni danda'ama.

*Fkn.75 ………………………………………..*

*Himee muldhistuu haadha simboo*
*Haadha joonjii, raatessituu akka daangiboo*
*Na cimsitee, na laaffista*
*Na ho'istee qabbaneessita*
*Kofalchiistee na boossifta.*
*……………………………………………….(fuula 169)*

Afeen armaan olii kun walaloo *Himeemuldhistuu* isa jedhu keessaa waraabame. Walaloon kun akaakuu mala dubbii mitiyee fi suuressuu keessoo qaamaa of keessaa qaba. Kunis gaalee 'kofalchiiste na boosiifta' kan jedhu keessatti ibsameera. Sababni isaas yaadni kun eeyyee ykn mitii nama jechisiisa. Namni kolfa olaanaarra ka'e boo'u waan jiruuf 'eeyyee'yoo jennu. Gama biraan immoo kolfi gammachuuf, boo'ichi immoo gaddaafi. Kun immoo waliif faalla waan ta'eef 'miti' deebii jedhu kennuun dandeesiisa. Kanaaf walaloon kun mala dubbii mitiheetti tajaajilameera jechuudha.Gamabiraatiin Suuressuun walaloo kana keessatti argamu immoo suuressuu keessoo qaamaati. Boo'ichii fi kolfi miira keessa qaama namaati. Kanumarra ka'un

Hariiroon mala dubbii mitiyee fi suuressuu keessoo qaamaa walaloo kana keessa ni jira.Walooni mala dubbii mitihee galtee sureessuu keessoo qaamaa taasiisee dhiyeesuusaa hubachuun ni danda'ama..

Walaloo kana sarara lammaffaa irratti hariiroo malli dubbii akkasaa fi suuressuu keessoo miiraa waliin qabanis ibsameera.Gaalee 'haadha joonjii, raatessituu akka daangiboo…' jedhu jira.Sababni isaas haadha warraasaa daangiboo waliin wal bira qabee yoo kaasu mala dubbii akkasaatti dhimma baheera; miiroonii kanneen akka joonjii fi raata'uu immoo miira keessoo irraa maddu.Kana jechuun walaloo kana keessatti hariiroon mala dubbii akkasaa fi sureessuu keessoo miraa hubachuun ni danda'ma.

Waliigalatti Hariiroo maladubbiifi sureessuu ilaalchisee , malli dubbii malattoo,arbeessaafi iddeessaa galtee sureessuu argee ta'uun, malli dubbii arbeessaafi akkasaa galtee sureessuu keessoo qaamaati .Kana jechuun mallii dubbii galtee sureessuuuti jechuudha.

## 4.5 Gahee Suressuu fi Mala Dubbii

Sureessuufi malli dubbii waan dhoksaa ta'e jechoota birootti fayyadamuun gaadideessanii ibsuu keessatti gahee guddaa qaba.Kunis walaloowwan *Obomboleettii* jalatti argaman torba keessatti haala armaan gadiin qaacceffamaniiru.

### 4.5.1 Yaada Ifaa

Walaloon *Obomboleettii* waa'ee jechaa kan ibsudha. Kunis waan hunda dura jechi jiraachuusaa; jechi humna qabeessa ta'uusaa, yeelala kan jabeessu, du'aa kan fayyisu, miira namaa jijjiiruu kan danda'u jecha ta'uusaa ibsa. Akkasumas Obomboleettiin amala isa wal fakkeessu akka qabu kaa'a. Humna diiguufi ijaaruu kan qabu;  humna kamiiniyyu caala olaanaa ta'uusaa yaada ifaan waloon dabarseerraa hubachuun ni danda'ama.(fakkeenya 1fi2)

Walaloon *Jedhe Diiggaa Saaqoo* waa'ee Mootii naannoo tokko bulchaa turee; maqaan isaas Diggaa Saaqoo jedhamu yoo ta'u, namnikun hoora tokkorratti mootii biraa waliin irradeddeebiin waliitti bu'aa ture. Jaarsoliin biyyaa araaraaf gidduusaanii seenaniis horasaa motii biraaaf kennuuf jedhanii isa goyyoomsuu fi amansiisuuf dhiibbaa isarratti godhan  irratti baruusa ibsa.Egasiis dhugaa kana deefachuuf aarsaa lubbuu kaffalee hora abbaasaa dhuunfachuuf murteesse. Aarsaa lubbuu akka kanfalu kan isa taasiisees maanguddoon biyyaa mootii dursee dhiiga buuseef akka hora san kennan himani turan.Haa ta'u malee Diiggaatti waan qalmaa akka fidu osoo itti hin himiin mootii biraatti himuun akka mo'atee hora san hanbifatuuf gargaaranii turan. Garuu Diggaan, horri kun hora abbaasaa waan ta'eef dabarsee kennuurra dursee mormasaa horatti  qalee dhuunfate. (fakkeenya 36fi 64)

walaloon *Obboo 'bbaa Caalii* waa'ee qotee bulaa oromoo tokkoo haala inni itti jiraatu, hojjetu fi bu'a bahii jireenyasaa keessatti isa qunname kan ibsudha. Bu'a bahii akkanaa keessammoo akkaataa inni yoo rakkate illee ciminaan rakkoo isaa keessaa bahuuf tattaafatu, haalli diinagdee, hawwaasummaa fi siyaasaa akkamiin akka abdiisaa boorii dukkaneessuuf yaalu kan ibsuufi ilmaansaa walii galtee dhabusaaniifi ilmisaa inni abdatu akka garaasaa ta'uu dhabuusaatiin akka itti gaddee kan kaa'udha. Rakkoo hamaa keessa osoo jiruus keessaa bahuuf tattaffiin inni taasiisu ibsameera.(fakkeenya 4)

Walaloon *Himeemuldhistuu* dhimma dubartii irratti kan xiyyeeffatudha. Dubartooni hagam akka bultiisaanii eeggachuu fi ijoolleesaanii guddifachuuf gatii kafalan kan ibsudha. Akkasumas dhiibbaan abbaa warraa kalattii garaagaraan irra geessisu dandamachuu, obsaan darbuufi akka jireenya nagaa itti fufsiisuu danda'an kaa'a.Kanaafis abbaan warraa galata haadha warraa saatiif qabu walaloo kanaan ibsameera.(fakkeenya 64fi 72)

Walaloon *Du'a Gurraacha* bara durii seenaa sabni Awuroopppaa qaroomina dhabuusaarraa kan ka'e dhukkuba garaagaraaf saaxilamee du'uusaa fi rakkoo hamaaf saaxilamuusaa kan ibsa. Madda dhukkuba kanaas argachuufi balleessuuf jechu aarsaaa hin barbaachifne kaffalaa turuusaanii kaa'a. Dhumarrattis maddi dhukkubichaa tafkii ta'uusaa akka bira gahamee eera.(fakkeenya 38fi 39)

Walaloon *Achiifi Asii* garaagarummaa aadaa naannoo tokkoo fi kan biraaa gidduu jiru kan ibsudha. Waanti naannoo tokkotti leellifame fi jajjabeeffame naaannoo biraatti ammoo waan akka salphinaafi qoosaatti ilaalamu ta'uusaa agarsiiseera. Waanti bakka tokkotti fudhatama qabuu fi mirga ta'e naannoo kaaanitti ammo akka nama safuu hawaasaa cabseetti kan lakka'aamu ta'uusaa ibseera. Walumaa galatti hawwaasni bakka tokkoo kan naannoo biroo irraa adda ta'uusaa hubachiisa. (fakkeenya 59)

Hiikni ifaa walaloo *Ana*, *Anaafi Anaa* namni tokko yaada lama gidduu seenee yoo rakkatu agarsiisa. Innis sababa seenaa kaleessaa dagachuu barbaadu dagachuu dadhabeen, isa booriis itti fufee jiraachuuf osoo rakkatuu kanarraa ka'uniis hirriibaafi nagaa dhabuusaa ibsa.Walumaagalatti namni kun kaleessa boor irraa adda baasee jiraachuu dadhabuusaatiin jireenya har'a jiraatu jiraachuu dadhabuusaa ibsa.(fakkeenya 32fi 33)

### 4.5.2 Yaada Gaaddideefamuun Ibsame

Mata dureen walaloo kanaa obomboleettidha.Sababni obomboleetti jedhameef waloon walaloowwan isaa kanaan dura bareeffaman akka uummata bira hin geenye mootummaan dhorkamaa ture.Haata'u malee walaloon kun 'CD'dhaan uummata bira akka tasaa gahe.Walaloon kunis saffisa obomboleettiin Oromiyaa keessa tamsa'uun dhiibbaa guddaa uummee ture.Kanaaf ergaan dhokataa walaoo kanaa walaloon sun gurmii jechootaa haa ta'uyyu malee humnafi amala obomboleetti akka qabu ibsa.Gama biraan ergaansaan kan biraa dhaloonni dubbatee akka wali galu, jechaan waraanee mo'achuu akka danda'u, akka Obomboleettiitti waliin ta'ee gurmaa'uun humna caalu godhatee akka socho'u, humna isa dura dhaabatu kamiyyu mo'atee darbuu akka danda'u ibsa.Kanas walalicha gara xumuraatti "…Anadha jechi sun!..." jedhee akkuma Obomboleettiin humna cimaa qabu jechis waan hunda gochuu akka danda'u kaa'era. (fakkeenya 1fi2)

Horri walaloo kana keessatti eerameera.Akka uummata Oromootti horrii;qabeenya, jireenya mijaataan ibsama.Sababni isaas Oromoon loon horsiisuun beekama waan ta'eef.Akkasumas qabeenyisaa bay'ina loon qabuun madaalamas.Loon kana horachuuf immoo horri barbaachisaadha.Gama biraan akka ummata Oromootti horri ;biyya.Dacheen Oromoo hora hedduu qabaachuun beekamti.Bakka Oromoon jiru horrifi bishaan hin dhabamu.Kanumarra ka'uun ergaan dhokataa walaoo kanaa dhalonni waan kansaa ta'e tokko dabarsee akka hin kennine, aarsaa fi wareegama kanfalamu kamiyyu kaffalee seenaasaa, qabeenyasaa fi eenyumaasaa akka dhaloota itti fufuuf dabarsu kan eerudha. Akkasumas yeroo aarsaa kaffalu lubbuunsaa yoo darbitellee dhalootaaf waan gaarii dhaalchisee akka darbu kan ibsuudha.walumaagalatti ofii qofa osoo hin taane sabaaf jiraachuun ulfina guddaa ta'uu ibsa. (fakkeenya 36fi 64)

Walaloo kana keessatti Obbo abbaa Caaliin bakka bu'aa qonnaan bultoota oromoo ta'ee dhiyaate. Kanaanis sirni bulchiinsa mootummaa Itiyooophiyaa akkaataa gama dinagdeen, siyaasaa fi hawwaasummaan itti yaadee qotee bultoota Oromoo miidhaa tureef , Obbo 'abbaa caaliin fakkeenya ta'a. Gama biraatiin Obbo 'abbaa Caaliin Ilman lama qaba, Ilmaansaa kunis Paartiilee Oromoo ciccimooo yaadaa faallaa walii qabatanii wal waraanan kan bakka buhudha. Inni tokko diinatti garaa gatatee kan uummata miidhaa turee fi kan biraan immoo kana finciluuf

kan bosona seene gaadiddeessee ibseera. Inni Uummata miidhaa ture kana hawwaasni keessaa bahe kan abaaraa ture yoo ta'u, inni fincilee bosona seenes hanga uummanni abdii irraa qabu gahuu dadhabee yemmuu hawwaasni humna dhabuusaattii gaddu hubachiisa. Kana malees gootummaan abbootiisaa irra dhaale dagachuun mo'achuu dadhabuusaatti hawwaasni inaaffiin yemmuu aaru ibsa. Walumaagalatti kana jechuun Obboo abbaa Caaliin Uummata oromooti jechuudha.Dhiibbaafi rakkoo uummata Oromoorra ture Obboo Abbaa Caaliin gaaddiideefamee dhiyaateera. (fakkeenya 4)

Ergaan dhokataa walaloo kanaa  dhimma haadha warraa haa fakkaatu malee dubartiin caqasamte biyya bakka buuti. Kanas hubachuuf, akkuma dubartiin tokko tokko abbaa warraa hamaan dhiibamtee garuu bultii isheef jettee obsitee jiraattu, biyyii ykn uummannis jireenyasaa booriif jedhee, ijoolleensaa akka hin rukkutamneefi hinduneef jedhee nagaa buusee obse jiraachaa akka jiru ibsa.Kunis walalicha keessatti gaadiddeeffamee kaa'ameera. (fakkeenya 64fi 72)

Diinni namaa fagoo irraa akka hin dhufne, manuma tokko keessa ykn oollaa ta'uu akka danda'u kanaafiis namni diinasaa balleessuu yoo fedhe dura manasaa keessa qorachuu akka qabu kaa'a. Akkasumas dhiibbaa nurra ga'erraa kaanee yeroo yaannu  diinni keenya guddaa fi sodaachisaa ta'uu dhiisuu akka danda'u, waan hunda hubannee furuuf ammo qoroominnii fi beekumsi akka barbaachisu ibsa. Walumaa galatti namni diinasaa mana keessa, oollaa fi naannoo isaa jiru dursee ilaaluufi qulquleessuu akka qabu hubachiisa. (fakkeenya 38fi 39)

Hawaasni hunduu aadaa mataasaa haa qabaaatu malee isa tokkoon gaarii, kaaniin ammo badaa jechuun osoo hin barbaachisiin isa gaarii ta'ee argame walirraa hirmachuun itti fayyadamuu, wal qixa ilaaluu fi ilaalamuu akka qaban ibsa.Akkasumaas aadaa walii qooduuun barbaachisaa akka ta'efi saniirraas baratamuu akka danda'amu ibsa.  (fakkeenya 59)

Har'a jiraachuuf seenaan kaleessaa murteessaa fi barbaachisaa ta'uusaa agarsiisa. Kaleessi keenya waan jabina hin qabne yoo ta'ellee boor bareessuufi qajeelchaa deemuun akka danda'amu ibsa. Hamaa dagannee, gaarummaa kaleessaa fi abdii gaarii boorirratti hunda'uun har'a jiraachuu akka dandeenyufi hamileen gara fuulduratti deemuun barbaachisaa akka ta'e

ibsa.Walumaagalatti kallessi har’aaf ;har’immoo boriif murteessaa ta’usaa hubachiisa. (fakkeenya 32fi 33)

# BOQONNAA SHAN : CUUNFAA , ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana jalattii dhimmoonni sadii ibsamaniiru.Isaanis Cuunfaa argannoofi yaboo qorannichaatu dhiyaate.Ibsi isaanis haala armaan gadiin kaa'ameera.

## 5.1 Cuunfaa

Walaloo *obomboleettii* kana keessatti malleen dubbii adda addaatu qaacceffame.Malleen dubbii walaloo *obomboleetti* keessatti argaman isaan kam akka ta'an tokkoon tokkon isaanii addaan baasuun ibsi itti kennameera.Akkasumas gosa sureessuu walaloo *obomboleetti* keessatti argamanis isaan kam akka ta'an adda bahanii qaacceffamuun ibsi itti kennameera.

Kanummarraa ka'uun malleen dubbii fi sureessuun kunis hariiroo isaan waliin qaban fakkeenya fudhachuun ibsi itti kennameera.Dabalataaniis gahee malli dubbiifi sureessuun dhaamsa walalootti qabus ibsameera.

Walumaagalatti walaloo kana keessatti malleen dubbiifi sureessuu haala gaarii ta'een walaloo kana keessatti mul'achuu isaa haala kamiin akka waloon itti gargaarame dhimmoota akkamii waliin akka waliitti hidhatuufi akkasumas ergaa kam dabarsuuf akka itti dhimma bahamee ibsuun danda'ameera.Kanaafuu walaloo kana keessatti gosoota mallidubbii sureessuu, hariiroo isaan waliin qabaniifi gaheen ergaa walaloo irratti qaban qacceffameera

## 5.2 Argannoo

Qorannoon kun kaayyoowwan qabatee ka'e qaba.Kaayyoon qorannoo kanaa malleen dubbiifi sureessuu walaloo *Obomboleetti* keessatti argaman qaacceessuu,hariiroo malleen dubbiifi sureessuu ibsufi gahee mallii dubbiifi sureessuun ergaa walaloo irrattii qaban ibsuudha.Haaluma kanaan walqabatee argannoowwan armaan gadii kun argamaniiru.

1.Waloon *Obomboleetti* keessatti malleen dubbii adda addaatti dhimma baheera.Malleen dubbii kunis nameessaa,iddeessa,akkasaa, mitihee, arbeessuu ,atee ,tuqsee, fi mallatto yoo ta'an malli dubbii walaloo kana keessatti dhimmi itti hin bahamnee habalaka ta'uu argameera

2.Walaloo *Obomboleettii* keessatti gosti sureessuu adda addaatti dhimma bahameera.Gosti sureessuu kunis kan argee , dhageettiifi keessoo qaamaa ta'uu bira gahameera.

3.Hariiroo maladubbiifi sureessuu ilaalchisee , malli dubbii malattoo,arbeessaafi iddeessaa galtee sureessuu argee ta'uun, malli dubbii arbeessaafi akkasaa galtee sureessuu keessoo qaamaa ta'uun bira gahameera. Walumaagalattii mallii dubbii galtee sureessuuu ta'uun argameera.

4.Gahee malli dubbiifi sureessuun ergaa walaloorratti qabu ilaalchisee ,malli dubbiifi sureessun ergaa ifaafi icciitii qabu ittiin dabarsuuf akka gargaaru bira gahameera.

### 5.3 Yaboo

Walaloon quuqqaa, seenaa fi waan hawaasni hin hubannee hubachiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.Kanumarraa ka'uun walaloo keessatti mala dubbiifi sureessuutti gargaaramuun ergaan waan bareessinuu sanaa sammuu dubbistootaa keessatti fakkii kaasuun yeroo dheeraa osoo hin dagatamiin akka turuuf gargaara.Sababuma kanaan waloo fi qaratoonni kana booda walaloo kanarratti qorannoo gaggeessan yaadota kanneen armaan gadiitti osoo tajaajilamani:

1.Walaloon *Obomboleetti* kun gosa walaloo akkamii akka ta'e addaan baasuuf qarattonni gara fuulduraatti osoo qorannoo irratti gaggeessanii gaarii ta'a.

2.Waloon walaloosaa keessatti jechoota afaan biraarraa fudhatee waan itti gargaarameef dubbistoonnisaa akka hubataniif osoo jechoota afaan oromootti jijjiirun dhimma bahee garii ta'a.

3.Walaloo *Obomboleetti* keessatti caasaa afaanii malli dubbiifi sureessuun dhimmi itti bahame gara fulduraatti osoo qorannoon irratti gaggeefamee

4.Waloon walaloosaa keessatti gosa sureessuu garagaraatti osoo gargaarame.

**Wabiilee**


Asafa Tafara. (2004*). Theorizing the Present Towards a sociology of Oromo Literature Jaarsoo Waaqoo's poetery.* Finfinne: Branna Printing Enter Press.

…………….(2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far East trading Press.

Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Akkamtaa: Qorannoo Hujoo Oromoo.* Finfinnee: efficient printing press.

Addunyaa Barkeessaa . (2014). *Semmoo : Bu‟uura Barnoota Afaaniifi Afoola* Oromoo Finfinne : Dhaabbata maxxansaa Far East Trading PLC.

Awwal Sa‟id . (2013). *Mijuu Og-barruu*. Dirre Dhawaa.

Berhanu Mathews. (2009). *Fundamental of Literature*: Addis Ababa:Alpha Printers PLC.

Dastaa Dassaalany. (2013). *Bu'uura Qorannoo. Finfinnee:* Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

Flick.U. (2002). *An Introduction to Qualitative Research,* 2nd. EditionNew. Dhli: SAGE puplications ltd.

Fedhasaa Taaddasaa .(2013). *Subii: Bu‟uuraalee Ogbarruu Oromoo.* Finfinnee: Dhaabbata maxxansaa Subi Printing Press.

Harry Shaw. (1905). *Dictionary Of Literary Terms*. New York : Mc Graw Hill Book Compan

Isaaq Bariisoo.( 2003). "Sakatta‟a Haala Fayyadama Sadoommii Kitaaba Walaloo Mootii Qubefi Kumee Kumaatamaa". Digirii jalqabaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf kan Dhihaate. (kan hinmaxxanfamne)

Ibsaa Adduunyaa. (2018). "Xiinxala malleen dubbii ogwalaoo Anaani'a keessatti" Digirii lammaffaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf kan Dhihaate. (kan hinmaxxanfamne.

Kumar, R. (2005). *Research Methodology*. London: Thousand Oaks calf.

Lawrence, J. (1972). *Mix Me A Metaphor*. London:Gentry Books

Melakneh Mengistu.(1999). *Fundamentals of Literature* . Addis Ababa : Biranna Printing Prees. 109

Misgaanuu Gulummaa.(2011*). Dilbii: Bu'uura Afoola, Ogafaaniifi Walaloo Oromoo.* Finfinnee: Oromiyaa.

Misgaanuu,Fiqaaduufi Kaawwan,(2012).*Bu'uuraalee ogbarruu.(Afol 231).*Yunivarsiitii AmbooBarnoota gannaaf dhihaaatee kan hin maxxanfamne

Nagarii Leencoo. (1993). *Wiirtuu (Jii.6) Barruulee Qormaata Waltina Afaan Oromoo.* Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa.

Okpewho, I. (1992). *African Oral Literatur*e. Bloomington and Indianapolis:India University Press

Sumner, Cloud. (1996). *Oromo Wisdom literature: Proverbs, Songs, Folktales: An Anthology of Oromo literarure. Addis Ababa*: Guddina TumsaFoundation

Sylvan Barnet and William E.Cain.(2009).*Ashort Guide To Writing About Literature*.New York:Pearson Longman.

Wasanee Baashaa. (1990). *Qorii Hambaa.* Finfinnee:  Dhaabbata Maxxansaa Biraaninaa salaam

Willium R. (1965). *Four Function of Folklore. In Alen Dundes The Study of Folklore.* Englwood Cliffs, N.J. eeggaa.

Yaadannoo Gaaromsaa .(2014). *Hora Obaa: Kuusaa Afoollan Oromoo.* Finfinnee: Oromiyaa. Dhaabbata maxxansaa Elleni. p.p. plc

Zalaalam Abarraa.(2017 )Obomboleettii :Finland:Dhaabbata maxxansaa  KTMP Group Korsholm Vasa/Finland

# Dabaleewwan

## Yuunivarsiitii Addis Ababaa

## Kolleejjii Namoomaa,Qorannoo Afaanotaa, Jornaalizimiifi Sabquunnamtiitti

## MuummeeAfaan Oromoo,ogbarruufi Fookiloorii

**Dabalee 'A'**

**4.2.1 Nameessa**

Fkn.1. *Asii..*
*Yeroo ganna, gannaa*
*Bishaantu kottoonfatee karaarra quphana*
*Yemmuu bona, bonaa*
*Qaama diriirfatee aduutti banbana . fuula 174*

Fkn. 2. *Achii …*
*Bishaan bonaa qaamni huqqatee laga ciisu*
*Ganna ganna qaamni furdatee…*
*Baqatanuu nama hin dhiisu*
*Miila baasa, miila qaba*
*Muka guddaa namaan yaaba.fuula 173*

Fkn .3. *Utuu hin du'iin Ekeraan ofii namaan xaba*
*Ni dheekkama ni duta*
*Diddiiqa muree kata*
*Dhagaa gatiitti baata*
*Awwaala eenyuu dhaqa laataa?* fuula 175

Fkn .4.*Ayyaanni gadadoo, kolfa yommuu gaggabu*
*Waaqayyo qaanayee fuula akka achi qabu. fuula 189.*

**Dabalee 'B'**

**4.2.2 Akkasaa**

Fkn.1. *Uumaakoo balaqqee, akka qaqawweessaa*
*Ani Obomboleettiidha, lakkuu Obomboleessaa*
*Sammuu keessattan irbama kaachisa. fuula 2.*

Fkn.2. *Sammuu keen ichima akka abiddi ba'u*
*Miirakeen ho'isa, booreen kee akka ka'u*
*Qalbiinkee cabbaye, dammaqee akka ho'u*
*Dhiigikee kantare akka baqee yaa'u*
*Beengoon beekumsakee dhoyee akka lola'u. fuula 2*

Fkn.3. *"Akkas jennee murtee murra*
*Waa si baasu ati maladhu*
*Dubbii kana akka hin baasne nuu kadhadhu."*
*Warri jaarsaa jedhee gorse*
*Matta'aadhaan dhugaa dabse.fuula 155*

Fkn .4. *Koo Ameessi akka gu'e*
*Kan koo abdiin akka du'e*
*Kankoo niitiin kaldhee hin qabdu*
*Kankoo maatiin cooma hin waadu.fuula 155*

Fkn.5. *"Kee qeyeen akka boone*
*Koo qeyeen akka one*
*Koo Ameessi akka gu'e .fuula 156*

Fkn.6. *"Nyaattee hin quufiin, siyaa kakaasu argu 'tarree*
*Suuta hin deemiin, sussuki malee akka saree*
*Yeroo duutu mana waaqaa akka hin tuqne*
*Yeroo jirtu, yoo sii gale, akka hin hafne. fuula 163.*

**Dabalee 'C'**

### 4.2.3 Iddeessa

*Fkn.1 Abbbaa caalii ..bifa waaqaa ,gurraacha*
*Ilma qabdaa hallaallicha*
*Tiksee malkaa, borantiicha .fuula 163*

*Fkn 2.Gurjuu ta'ii…donnaa'aa*
*Gowwaa ta'i.. bonna'aa*
*Siyaa ilaalan akka raatuu*
*Eenyummaakee kommaariitiin haa walaaltu.fuula 163*

*Fkn 3.Tulluu ogummaa yaabee, boolla saayinsiis lixee*
*Akka isa maraatee yaadni isaa haxiixee*
*Yommutti argitu…*
*Waan guddaa seetanii?Tafkiitu nama fixa. fuula 193*

*Fkn 4. Tafkiinis nama wajjiin sireerra akka raftu*
*Iyyeessa harma hootee ,mootii akka soqoltu*
*Bobaa giiftiifaayyuu akka foolii fuutu*
*Intala mootiyyuu ,guntuta qimmiiddee*
*Gudeeda akka ciniintu. fuula 194*

**Dabalee 'D'**

### 4.2.4 Arbeessuu

*Fkn. 1. Jecha tumsaan duule, kan hima bobbaasu*
*Abaarsi nan tuqu, sookkoon nan balleessu*
*Goraadeen nan muru, qottoon nan haanxessu*
*Dhukaasni nan hubu, rasaasi nan madeessu*
*Yeroo hundaan jiraadha, du'i nan ajjeesu. fuula 2.*

*Fkn. 2. Hara xinnoo hamma barruu*
*Daangaa gubbaa ciisee jiru*
*Mootiin lama wal gidiru. fuula 152*

*Fkn. 3. Asii…*
*Harmi ka'ee dhaabata*
*Dhangalaasa dhahata*
*Jigee hin hafu eessa'bbaasaa*
*Cireessatu utubee kaasa.fuula 174*

*Fkn. 4. Laboraatoorii keessatti ulaa ofitti cufee*
*Qilleensas lakkaayee, bishaanis gudunfee*
*Dafqee xuruurfatee, sammuu'saa of cufee.fuula 193.*

**Dabalee 'E'**

**4.2.5 Mitihee**

*Fkn.1. Barruun kee illee yoo harcaase, ciqileen kee haa qolatu*
*Balfaa keetiif namaan loli, nama ajjeesi, yaa sassattu!fuula 163*

*Fkn.2. Shaggooyyee koo, haadha sirbaa*
*Akkamittin ani si jibba*
*Ijoolleekoof Haadhaaf Abbaa*
*Gumbii aadaa, haadha dhangaa.fuula 166*

*Fkn.3. Mikni guddaan cabee hin beekne*
*Gaafa sana namaan caba*
*Utuu hin du'iin namaan xaba. fuula 177*

*Fkn.4. Achii…*
*"Karaa nama gadhee, Sareen ibidda qaammatti"*
*Asii…*
*Dhirsaa fi niitii gidduu boraafattee rafti*
*Achii…*
*Sareetu mirga sarummaa dhaba*
*Asii…*
*Sareetu mirga namummaa qaba.fuula 177*

*Fkn.5. Asiis…, lafarra jireenyi dhala namaa*
*Garuu, akka tuqaa lafa uree keessa deema. fuula 178*

**Dabalee 'F'**

**4.2.6 Tuqsee**

*Fkn 1.Iyya gadadookee kan dhagawu dhibee*
*Genoves sindromiin ciriqii si qabee*
*Rakkoo gidiraakoo maaliif naa hin dirmatu*
*Innis na dagate waaqa yennaa komattu.fuula 1*

*Fkn 2.Barsiisaa tureera, akka dibba ja'aafi gara waggaa jaatamaa*
*Dhibee balaafamaa, dhibeee danuu hamaa. fuula 184*

*Fkn.3.Beektootni Awurooppaas waayee dhibee kanaa*
*Utuu sakkatta'uu*
*Waggaa dhibbaa shaniif shantama booddeedha*
*Kaniin itti bahu.fuula 193*

*Fkn .4. Edaa…, hantuutatu Tafkiitu uddellatee*
*Doonii guddaa keessa hadhaba dhorkatee*
*Gara biyya Chaayinaatii…*
*Awurooppaatti as ce'ee, dhibee kanaa baate fuula 193*

*Fkn.5. Malee….*
*Waaqayyo waa tokko balaasaa hin buusne*
*Dachee haadha Margoos, lakki hin dheekkamne*
*Bishaaniif qilleensis balaasaa hin fidne*
*Bobaa nama lixee*
*Tafkiitu nama fixe. fuula 194*

**Dabalee 'G'**

**4.2.7 Atee**

*Fkn 1. Qalbii fi hamilee gudunfatee, saba ta'etti galagalee*
*"silaa daansaa, utuun korma fidee qalee*
*Garuu…, waayee kormaa, waayee dhiigaa*
*Natti hin himne warri jaarsaa, warri alngaa…"fuula 156*

*Fkn. 2. Tokkeen koo inni tokko akkas yeroo rafu*
*Waaman hin dhagahu, yaa anaa inaafuu!*
*Gar tokkeen koo kaani…*
*"kaleessi maalii…?" naan jedha*
*Gurjaa na bulchuuf fedha. fuula 196*

*Fkn. 3. Anumaa rafuudhaaf sillimii sillimu*
*Gar tokkeen koo tokko kanatti ka'ee*
*Maa ittiin hin falmu!fuula 196*

**Dabalee 'H'**

**4.2.8 Mallattoo**

*Fkn. 1. Kunoo fudhu, ulee Ceekaa*
*Ulee saawwaa, ulee tikaa*
*Hardhaa kaasee anuu beeka.fuula 156*

*Fkn.2. Yoo nuyi walii galle*
*Yoo buna itti qalle*
*Yoo itti dhibaafanne*
*Kaleessi ni gabbata*
*Qaamaan ni muldhata. fuula 198*

*Fkn.3.Kaleessi boorantichа , coqorsa irreeffadhu*
*Kanaachi siin ceesisu, buteetu si liqimsa*
*Kaleessi Odaadha, ka'ii jala dhaabadhu*
*Kaleessi gaaddisa.fuula 198*

**Dabalee 'I'**

**4.3.1 Sureessuu Argee**

*Fkn 1.Asii…*
*Harmi ka'ee dhaabata*
*Dhangalaasa dhahata*
*Jigee hin hafu eessa'bbaasaa*
*Cireessatu utubee kaasa.fuula 174*
*Fkn.2. Laboraatoorii keessatti ulaa ofitti cufee*
*Qilleensas lakkaayee, bishaanis gudunfee*
*Dafqee xuruurfatee, sammuu'saa of cufee.fuula 193*

*Fkn 3. Qalbii fi hamilee gudunfatee, saba ta'etti galagalee*
*"silaa daansaa, utuun korma fidee qalee*
*Garuu…, waayee kormaa, waayee dhiigaa*
*Natti hin himne warri jaarsaa, warri alngaa…"fuula 156*
*Fkn.4. Achii…*
*"Karaa nama gadhee, Sareen ibidda qaammatti"*
*Asii…*
*Dhirsaa fi niitii gidduu boraafattee rafti*
*Achii…*
*Sareetu mirga sarummaa dhaba*
*Asii…*
*Sareetu mirga namummaa qaba.fuula 177*

*Fkn.5. Abbbaa caalii ..bifa waaqaa ,gurraacha*
*Ilma qabdaa hallaallicha*
*Tiksee malkaa, borantiicha .fuula 163*

**Dabalee 'J'**

**4.3.2 Sureessuu Dhageettii**

*Fkn. 1. Tokkeen koo inni tokko akkas yeroo rafu*
*Waaman hin dhagahu, yaa anaa inaafuu!*
*Gar tokkeen koo kaani…*
*"kaleessi maalii…?" naan jedha*
*Gurjaa na bulchuuf fedha. fuula 196*

*Fkn 2. Qalbii fi hamilee gudunfatee, saba ta'etti galagalee*
*"silaa daansaa, utuun korma fidee qalee*
*Garuu…, waayee kormaa, waayee dhiigaa*
*Natti hin himne warri  jaarsaa, warri alngaa…"fuula 156*

**Dabalee 'K'**

**Qabxiilee Mirkaneessituu  (Check list)**

Gabateewwan armaan gadii kun qorataan malleen dubbiifi sureessuu  walaloo *Obomboleettii* keessatti argaman addaan baafachuuf itti garagaarame kan agarsiisuudha. Gabaticha keessatti malleen dubbiifi Sureessuun achi keessatti yoo argaman fuulletti mallattoo " x" kaa'un ibseera.

**Gabatee 'A'**

| Lak. | Malleen Dubbi | Mallattoo |
|---|---|---|
| 1 | Akkasa | x |
| 4 | Nameessuu | x |
| 5 | Mitihee | x |
| 6 | Arbeessuu | x |
| 7 | Tuqsee | x |
| 8 | Atee | x |
| 9 | Habalaka | |
| 10 | Mallattoo | x |
| 10 | Iddeessa | x |

**Gabatee 'B'**

| Lakk. | Sureessuu | Mallattoo |
|---|---|---|
| 1 | Argee | x |
| 2 | Dhageettii | x |
| 3 | Sochii | |
| 4 | Keessoo miiraa | x |
| 5 | Funfannaa | |
| 6 | Qaqabannaa | |
| 7 | Dhamdhammii | |